# Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

Bara 32 | Lakk. 36 | Adoolessa 10 bara 2017 | Gatiin qar. 20


# Oromiyaatti raawwii hojii bara 2017 gamaaggamuun karoora 2018 irratti mari'atame

*Galaanaa Kumarraatiin*

Naannoo Oromiyaatti raawwiin karoora xiiqii hojii Paartiifi mootummaa bara 2017 Dilbata darbee eegalee guyyoota sadiif Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti gamaggamee qophii karooraa 2018 immoo mariyatameera.

Gamaaggamichi bakka Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, Af-yaa'iin Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurahamaan, Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaaloo Tafarraafi hoggantoonni manneen hojii naannichaa sadarkaan jiran argamanitt Magaalaa Adaamaatti Dilbata kaasee guyyoota sadan darbaniif geggeeffamaa ture xumurame.



Gamaaggama kana kallattii kennuun kan eegalchiisan Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa naannichatti bara bajataa 2017 darbe keessatti hojiilee hedduun karoora xiiqiin karoorfamanii hojjetamaa turaniin bu'aalee hedduun argamuu himaniiru.

Hoggansi naannichaa sadarkaan jiru caasaan sadarkaa gandaatti gadi bu'ee hundaa'e lafa akka qabatu taasisuurratti gahee guddaa taphateera, kana keessatti aarsaa qaaliis bara itti kaffaleedha jedhan.

Bara 2017 bara hojileen abdii hedduu namatti horan itti raawwatamaniifi harcaatii hedduunis kan keessatti calaqqisan ta'uus dubbataniiru.

Karoora xiiqii waggoota darbaniin hojii gaariin jiraatus, raawwiin jiru garaagarmmaa haa qabaatu malee harcaatiin uumames yaaddessaadha jedhan.

Keessumaa, hoggansi hanqinootaa irra deddeebi'anii mul'atan sirreessuuf hojii keessatti xiyyeeffannaa kennee irratti *Gara fuula 14tti*



*Obbo Geetuu Gammachuu*

## Oromiyaatti bara bajataa 2017 xumurametti dameewwan qonnaa hundaan milkaa'inoonni gaariin argamuun himame

*Galaanaa Kumarraatiin*

Naannoo Oromiyaatti bara bajataa 2017 xumurame keessatti dameewwan qonna hundarratti xiyyeeffannaan hojjetamaniin milkaa'inoonni gaariin argamuu Hoogganaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuun ibsaniiru.

Obbo Geetuun kana kan dubbatan gamaaggama raawwii hojii paartiifi mootummaa bara 2017 Magaalaa Adaamaatti geggeeffamaa turerratti ibsa addatti miidiyaaleef kennaniin yoota'u, naannichatti *Gara fuula 14tti*

## Qorannoon raawwii hojii Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 2017fi boqonnaan qophii karoora bara 2018 gaggeeffamaa ture badhaasaafi beekamtii kennuun goolabame

*Bushiraa Aliitiin*

Qorannoon raawwii hojii Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 2017'fi boqonnaan qophii karoora bara hojii 2018 Magaalaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti guyyoota sadiif gaggeeffamaa ture badhaasaafi beekamtii akkasumas kallattii hojii itti aanuu kennuun Kibxata darbe goolabameera.

Qorannoo gaggeeffamaa ture kanaan booda Sektaraalee, Godinaalee, BulchiinsI magaalootaafi Aanaaleen raawwii olaanaa galmeessisan cimsanii akka itti fufan, kanneen raawwii giddugaleessaafi gadaanaa galmeessisan ammoo miira kaka'uumsa hojii keessatti uumuun xiiqeeffatanii hojjachuun bu'aa olaanaa akka galmeessisaniif badhaasni Pirezidaantawaan kennameera.



Haaluma kanaan Godinota keessaa Godinni Arsii Lixaa 1ffaa, Jimmi 2ffaa, Shawaa Bahaa 3ffaa ta'uun yoo badhaafaman, Magaalota keessaa immoo Magaalaa Adaamaa, Bishooftuufi Jimmi wal duraa duuban 1ffaa hanga 3ffaa bahuun badhaafamaniiru.

Haaluma *Gara fuula 14tti*

## Dhimmi qulqullina bunaa dhimma murteessaafi dinagdee biyyaati jedhame

*Bushiraa Aliitiin*

Naannoo Oromiyaatti gamaaggama raawwii hojii qulqullina bunaa bara bajataa 2017fi qophii karoora bara 2018 Magaalaan Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti bakka pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa argamanitti gaggeeffamaa jira.

Hoogganaan Biiroon Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu haasaa baninsaa taasisaniin dhimmi qulqullina bunaa dhimma murteessaafi dinagdee biyyaati jechuun buna qulqullina qabuufi sadarkaasaa eeggate oomishuun gabaaf dhiheessuu qabna jedhan.

Jijjiirramaa asitti hojilee bunaa teknoolojiin dabaalamee hojjatamaa turuufi kanaanis milkaa'inoonni badhaadhina maatii milkeessan galmaa'uus *Gara fuula 14tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Gumaata

## Qonnaan bultoota kilaastaraan Muuzii misoomsaa jiran



Dameewwan gurguddoo dinagdee biyyaa utubuufi ceesisuu danda'an keessaa dameen qonnaa isa olaanaadha. Damicharraa bu'aa barbaadamu argachuuf hojii qonnaa ammayyeessaafi babal'isaa deemuun dhimma murteessaadha.

Keessumattuu waggoottan muraasaan asitti xiyyeeffannaa hojii qonnaaf kennamee hojjetamaa jiruun oomishaafi oomishitummaan qonnaa guddatee galiin dhuunfaafi dinagdeen biyyaa akka guddatuuf waliigalaan immoo galmoota qonnaa gurguddoo qabaman milkeessuuf iniisheetiiviiwwan qonnaa garaagaraa bocamuun ganna roobaan bona immoo jal'isii fayyadamuun hojjetamaa kan jiruufi jijjiiramoonni gaariin mul'achaa jiru.

Haaluma kanaan galmoota akka biyyaafi naannootti qabaman milkeessuuf akka aanichaattis misooma midhaanii cinaatti oomisha muduraalee garaagaraarratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira. Oomisha muduraalee aanichatti dhiyeenya kana eegalamanii bal'inaan hojjetamaa jiran keessaa misoomni muuzii isa tokko yoo ta'u, oomishitummaasaa guddisuufis ganna roobaan bona immoo jal'isii fayyadamuun hojjetamaa jira.

Haaluma kanaan ganda Ogiyoo Jaarroo laga jal'isii ammayyaa Madaalleetti iniisheetiiviin Muuzii bona darbe kilaastaraan dhaabbachuun misoomaa jiru sadarkaa abdachiisaarratti argama.

Muuziin laga Madaalleetti jal'isiin misoomaa jiru kunis lafa hektaara 61 irratti hojii dhabdoota lakkoofsaan 105 ta'aniin muuziin sanyii filatamaa tishuu kaalcherii jedhamu dhaabbachuun kunuunfamaa jira. Muuziin sanyii filatamaan kunis deggersa Biiroo Qonnaa Oromiyaarraa argameen dhiyaatee hirmaannaa qonnaan bultootaafi hojjetoota mootummaa aanichaan bona darbe dhaabbatee yeroo ammaa sadarkaa gaariirratti kan argamuufi kunuunfamaa kan jirudha. Muuziin kunis sirnaan kunuunfamnaan dhaabbatee ji'a sagalitti firii godhachuu kan eegaludha.

Qonnaan bultoonni waldaan gurmaa'anii muuzii misoomsaa jiranis bu'aa gaarii argachuuf kunuunsarratti xiyyeeffatanii hojjechaa jiraachuu dubbatu. Akka waliigalaatti aanichatti lafa hektaara 550 ta'urratti muuziin jal'isiin misoomaa kan jiruufi yeroo ammas rooba gannaatiinis dhaabbachaa kan jiru ta'uu ragaan ni mul'isa.

*Kominikeeshiinii Aanaa Daallee Sadiin-Qellem Wallaggaa*

## Bu'aa paappaayaan fayyaaf qabu

Paappaayaan kuduraa ajaa'ibaa bu'aa fayyaa hedduu qabudha. Kuduraan kun mooleekiwuulota 'antioxidants' jedhamaniifi dhibee akka shukkaaraafi Kaansarii ittisu of keessaa qaba. Paappaayaan dhukkuba namarraa ittisuurra darbee dargaggeessa/ dargaggeettii nama fakkeessa jedhu warri itti beekanii fayyadaman.

Qabeentaa paappaayaa.

Kaalorii, kaarboohayidireetii, faayibarii, Pirootiinii, Vitaamiin C, Vitaamiin A, Vitaamiin B9, Pootaashiyeemii, Kaalsiyeemiifi Maaginiziyeemii kanneen jedhan paappaayaa keessaa argamu.

Faayidaa paappaayaan fayyaaf qabu.

Kaansarii ittisa: qorannoon akka agarsiisanitti, paappaayaa keessatti kan argamu waanti 'lycopene' jedhamu carraa dhibee kaansariin qabamuu hir'isa. Namoota wal'aansa kaansarii fudhachaa jiraniifis faayidaa olaanaa qaba.

Paappaayaan wantoota farra kaansarii ta'an kompaawundii keemikaala 'folate' jedhamu, vitaamin C, sirna nyaataa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'e 'beta-carotene', akkasumas vitaamin E kan carraa kaansariin qabamuu ittisan dabalatee qabiyyee barbaachisoo heddu of keessaa qaba.

Koolestirooliifi fayyaa onnee: qorannoon garaagaraa geggeeffaman akka agarsiisanitti kuduraafi muduraan lycopene fi Vitaamin C dhibee onnee ittisuu danda'u qabu.

Moolekiwuulonni paappaayaa keessa jiraniifi 'antioxidants' jedhaman koolestirooniin ititee onneen akka hojii dhaabu gochuu danda'u ittisa.

Gaaziifi nyaata bulleessuu: Paappaayaan asiidii garaachaa hir'isa. Namni yoo laphee gubaafi dhukkubbii garaachaa qaba ta'e paappaayaan qoricha gaariidha. Akkuma kanas paappaayaan nyaata bulleessuu keessatti faayidaa olaanaa qaba.

-Fayyaa gogaafi rifeensaaf: Paappayaan gogaa namaa akka ifu godhee miidhagsa. Paappayaan Vitaamin A waan qabuuf rifeensa ni guddisa.

Finnisa fuularratti bahu keessumaa ijoollee dargaggummaa keessa jiran baay'ee gargaara. Xannacha (glands) qaama keessaa waan gabbisuufis paappayaan gogaa miidhagsafi rifeensaa lalisiisa. Dibatawwan paappayaa itti makamuun hojjetamanis kanaaf filatamoodha.

Dhukkubbii laguu ji'aaf: Paappaayaan dhangla'aa "papain" jedhamu dhiiga laguu ji'aa waliin walfakkaatu waan qabuuf akaakuuwwan soorataa dhukkubbii yeroo laguu ji'aa hir'isuuf gargaraan keessaa tokkodha. "Papain" kun laguu ji'aa akka sirratuufi dhukkubbii hin qaqqabsiisne taasisa.

Cataracts: dhibeen ijaa agartuun akka bifa hin taane qabaatu godhu 'Cataracts' jedhamu jiru.

Dhibeen kun fayyaa agartuu haalaan miidha. Paappaayaan ammoo Vitamiin A akkasumas waan beta-carotene jedhamu of keessaa waan qabuuf yaaddoo dhibee ijaa kanaaf saaxilamuu ni hir'isa.

Paappayaa fi kaarotiin gosa soorataa fayyaa ijaatiif baay'ee barbaachisoo ta'an lamaanidha.

Asmiif: Paappaayaan soorata beta-carotene guddaa of keessaa qaban keessaa tokko waan ta'eef dhibee asmii namarraa ittisa.

Fayyaa Lafeef: Paappaayaan kaalshiyeemiin akka lafee keessaa hin baane gargaara. Kana kan godhu ammoo kaalshiyeemiin karaa kalee baay'ee akka qaama namaa keessaa hin baane gargaaruun fayyaa lafeetiif barbaachisaadha.

Roobeeraa Qannoo,Danbidoolloorraa Toora Feesbuukii BBC Afaan Oromoorraa kanan dubbise jechuun kan nuuf erge

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

**Kallacha Oromiyaa**

**Bara 1986 hundeeffame**
**Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,**
**Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama**

**Qindeessaafi Gulaalaa Muummee**
Addunyaa Hayiluu
**Itti aanaa Gulaalaa Muummee**
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

**Qopheessaa Beeksisaa**
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ijoo

## Galma fagoo qabatame akkaataa milkeessuun danda'amurratti miira yeroo hin qabnuun hojjetamuu qaba!

Mootummaan Naannoo Oromiyaa karoora imala badhaadhinaa waggoottan kurnan qabatee hojjetaa jiru milkeessuuf xiyyeeffannoofi miira yeroo hin qabneen socho'aa jira. Guddina misoomaa hawwaas-dinagdee ariifataafi itti fufiinsa qabu mirkaneessuufi jireenya uummata naannichaa bu'uurarraa fooyyessuuf sochii gama hundaan taasisaa tureera, taasisaas jira.

Kana keessatti Mootummaan Naannoo Oromiyaa bara baraan karoora xiiqii qabatee galmaawwan imala badhaadhinaa qabatame bira gahuuf xiyyeeffannoon hojjetaa jira. Hojii kana keessatti karooraafi raawwiisaa ilaaluun gamaggamaa,cimina cimsaa hanqilaalee maksuufi kallattii egerees kaa'uun walqabatee hojiin hojjetamaa jiru olaanaadha.

Galma fagoo kana bira gahuuf dandeessistoota kan akka ijaarsa dinagdee gahumsa qabu, ijaarsa mootummaa dandeessisoofi humneessoo, qormaatilee kaayyoowwan keenyaa, akkasumas latiinsa ilaalcha paartii keenyaa toorawwan qabiyyee ijoo taasisuun kan sakattaa'uun murteessaadha.

Haaluma kanaan Manni Maree Bulchinsaa raawwii hojii bara 2017 ilaalaa jiruun ciminoota sakatta'uun daran itti fufsiisuu, hanqinootaafi hudhaalee hanqina kana fidan adda baasuun galtee karooraa egeree taasisuufi kallattii gurguddoo hojilee bara karooraa 2018 qabachuun murteessaadha.

Barri 2017 bara milkaa'inni hunda galeessi itti galmaa'eedha. Imallis abdiirraa gara ifa qabatamaatti ce'aa jiraachuu isaa kan itti mirkaneeffamaa jiruudha. Galmoonni gurguddoon akka paartiifi mootummaatti qabanne karaa ijaarsa mootummaafi biyyaa cimaatiif bu'uura kaa'uu danda'aniin raawwatamaa jiru. Dandeettiin raawwachistummaas yeroo dha gara yerootti dabalaa dhufee jira.

Mul'ata akka badhaadhinaatti qabatameen walbira qabamee yoo ilaalamu garuu, ammallee ummata hiyyummaa keessaa baasuuf, kenna tajaajilaa si'ataafi amansiisaa ta'e diriirsuufi carraawwan misoomaa jiran hunda duguuganii fayyadamuun walqabatee , hojii guddaan akka eeggatu ni amanama.

Kana waanta'eef waantota akka ciminaatti ilaalaman caalaatti cimsuurratti xiyyeeffachuu, kanneen akka hanqinaatti hubataman immoo sababoota hanqina kana uumuu danda'an irratti hojjechuun barbaachisaadha. Kana keessatti caasaaleen mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran qaamoleen hawaasaa hunduu kallattii mootummaan imala badhaadhinaa dhugoomsuuf hojjetaa jiru keessatti shoora isaanii bahachaa deemuun murteessaadha. Kanas immoo miira xiiqiifi yeroo hin qabneen hiyyummaan maqee badhaadhinni maatii mirkanaa'eefi biyyi keenyas tarree biyyoota galii giddugaleessaa qaban hiriirsiisuuf humnaafi beekumsa keenya guutuun hojjechuun barbaachisaadha.

## Yaadrimeewwan, tumaalee seeraafi . . .

waliigalticha keessatti ibsaman jechuunis duukaa deemtota, miiltoowwaniifi sanadoota achitti eeramuun hammataman hunda kan dabalatu ta'uu hiikee jira. Hiikni waliigaltee sanadoota kana keessatti kenname hiikarratti waliigalameefi yeroo ammaa akka biyyaatti raawwatinsa qabu waan ta'eef qorannoo kana keessatti yaad-rimeen jechichaa hojiirra kan oolu ta'a.

**Hoggansa waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa**

Hoggansi waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa yaadama hojichaarraa eegalee hojiiwwan adeemsa bittaa mootummaa (caalbaasiifi dorgommii iftoomina qabu, haqaqabeessa ta'eefi dinagdaawaa ta'e) hordofuufi to'achuu, waliigaltee bulchuu (raawwii kontiraaktaraa hogganuu, haala tumaa waliigalteetiin raawwatamuu mirkaneessuu, adeemsa kaffaltii raawwachiisuu, jijjiiramoota ykn fooyya'insa hogganuu), qulqullina hojii mirkaneessuu, yeroofi baasii to'achuufi waldiddaa furuu of keessatti hammata.

Hoggansi tarree hojiiwwan kanneen akka qabeenya dhaabbataa tokkorratti xiyyeeffachuun karoorsuufi murtee kennuu, gurmeessuu, geggeessuufi to'achuu; kaayyoo jaarmiyaa haala gahumsaafi bu'aqabeessa ta'een galmaan ga'uuf kaayyeffatee namaa, maallaqaa, qaamaafi odeeffannoo hogganuudha.

Hoggansi waliigaltee hojii ijaarsaa raawwii hojii ijaarsaafi waliigaltee hojii irra oolchuuf karoorfachuu of keessatti qabata. Hoggansi waliigaltee kunis umrii turmaata hojii ijaarsichaa yaadame guutuu keessatti kan raawwatamuudha. Innis marsaa karoora waliigaltee kan haammatu yoo ta'u gosa waliigaltee kamtu bu'aa yaadame argamsiisuuf rogaqabeessa kan jedhuufi akkaataa waliigaltee sana bu'aqabeessa ta'een raawwachuun (hojiirra oolchuun) danda'amu irratti tooftaa ibsuu of keessatti qabata. Kunis waliigaltee wixineessuu, haalawwaniifi tumaaleesaarratti mari'achuu, adeemsa hojiirra oolmaa waliigaltichaa kaa'uu, raawwiisaa hordofuu (waliigaltee bulchuu),jijjiirama haalawwaniifi tumaalee waliigaltee bulchuufi haala bu'a-qabeessa ta'een cufuu kan dabalatudha.

Kanaafuu hoggansi waliigaltee marsaa turmaata waliigaltee tokkoo guutuu kan haammatu yoo ta'u, adeemsa wixineefi marii jalqabaa irraa kaasee hanga cufinsa waliigaltee sanaatti jiru hogganuudha. Kunis bu'aa barbaadamu argamsiisuuf haalawwaniifi tumaalee barbaachisan wixineessuu, dirqamaafi itti-gaafatamummaa gareewwanii ibsuu akkasumas karaalee raawwii hojiifi walsimannaa madaaluun danda'amu ofkeessatti qabata. Hoggansa waliigaltee hojii ijaarsaa bu'aqabeessa ta'e raawwachuuf qabiyyeewwan murteessoon kanneen armaan gadiiti.

**Hojiiwwan qophii waliigaltee hundeessuun duraa**

Hojiiwwan qophii waliigaltee hundeessuun dura raawwataman karoora waliigaltee kan of-keessaa qabu yoo ta'u sadarkaa kanatti qooda fudhattoonni eenyu akka ta'an adda baasuu, kaayyoo pirojektichaa ibsuufi karoora uumuun waliigalteen kaayyoo yaadame akka galmaan ga'u taasisuu kan of-keessatti hammatudha. Kana keessatti hojii ijoon ijaarsaa haala filannoo waliigaltootaa, mala kaffaltiifi qabatama hojii ijaarsichaarratti hundaa'uun gosa waliigaltee ijaarsaa rogaqabeessa ta'e filachuun barbaachisaadha.

*Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa: Qorattoonni: Nimoonaa Kumsaa (LL.B, LL.M)fi Abdusalaam Aabbee (LL.B, LL.M) Waxabajjii bara 2016*

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

# Beeksisa

## Arsii

Obbo Masfiin Girmaa Magaalaa Asallaa ganda 11 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 24695/301/2016 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.

---

**Ajaja/10 Irkoo Dhugaasaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Tinsaa'e Mukariyaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/11/2017 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu bira darbamee falmiin kan dhagahamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Doddotaa

---

Obbo Tusaa Qoncooroo Goobanaa qabiyyee lafaa kaartaa lakk.isaa T-110/9127/00 ta'e, Magaalaa Dodolaa Ganda M/W Ollaa 8ffaa keessatti naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate qabiyyeen lafaa duraanii tajaajilaa ala akka ta'etti lakkaa'amee kooppii qabiyyee lafa kanaa kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa

---

**1ffaa Obbo Adam H/Haajii Umariitiif**
**2ffaa Aadde Maqdas Koruu Dandiriitiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan A/Alangaa Magaalaa Shaashamanneefi Himatamtoota isin jidduu falmii yakka sanada sobaa jiru himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaashamannee.

---

**Aadde Amiinaa Bariisootiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan A/Alangaa Magaalaa Shaashamanneefi Himatamtuu isin jidduu falmii yakka sanada sobaa jiru himatamtuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/11/2017 sa'aatii 4:30 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaashamannee.

---

## Baale

Obbo Tashoomaa Urgee Jimaa ragaan lafa mana jireenyaa Bulch/Magaalaa Roobee Kutaa magaalaa Addooshee Walashee Ganda Caffee Doonsaa keessatti argamu lakk. seerii kaarnii maqaa jijjiirraa 334602 maqaa isaanitiin jiru galmeen isaanii waan jalaa badeef kan biraa naaf haa kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu qaamni ragaan kun kiyya ykn idaafi liqiin irraa qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa biraa kan kennamuuf ta'uu ibsaa, beeksifni kun bahee yeroo jedhame keessatti yoo hin dhiyaatin ragaan argamus kan hin tajaajille ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baalee kutaa Adooshee Walashee

Obbo Abdusalaam Huseen Awsii Magaalaa Gindhiir ganda Odaa keessatti Nagahee Mirriitii lafa mana jireenyaa Lakk.Nagahee 285744 kan ta'e maqaan kiyyaa galmaa'ee naaf kenname na jalaa badee jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan isaanii kun kan bakka bu'ee kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa fi E/Naannoo Magaalaa Gindhiir.

---

Iyyataan Obbo Abrahaam Tsaggaw mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Ashabbir Tashoomaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Zaawuyyaa Aliyyii mana jaarmiyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 170 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Aadde Keeriyaa Jamaalitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattoonni Obbo Huseen Kadiriifi Aadde Zaaraa Kadiir mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 195 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Katamaa Alamuutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Jeeyilaan Sikkoo mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Husen H/Amaanitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Salamoon Shaawul mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Abdallaa Ibraahimitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Shee/Abduljaliil Usmaan Magaalaa Diinshoo Ganda 01 keessatti mana daldalaa ballina $M^2$ 100 irratti argamu gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Misooma Magaalaafi Bu'uuraalee Ganda Magaalaa Diinshoo

---

## Boorana

**1ffaa Obbo Ahimad Lammaatiif**
**2ffaa Obbo Ibraahim Imaamuutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Dhaabbata Inshuraansii Itoophiyaafi himatamtoota isin jidduu falmii beenyaa miidhaa qabeenyaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2017 sa'atii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa

Obbo Durreessaa Eda'oo fi Aadde Zeeyituunaa Hajii Qumbii qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Buururii keessatti ballina $M^2$ 200 iratti argamu, lakk. saayit pilaanii isaa 1165/BMN/01/01/01 ta'e maqaa Obbo Durreessoo Eda'ootiin galmaa'ee beekkamu Obbo Adan Abdii Husseenitti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni ku bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksufna. Waajjira Lafaa Eegumsa Naannoo Bul/Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Aadde Anaanas Akiliiluu fi Obbo Masaay Xilaahun qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Dannisaa Oliyyee keessatti maqaa Aadde Anaanas Akililuutiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Aadde Qiddisti Saahiluu W/Sanbatitti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bul/ Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Aadde Balaayinash Lagasaafi Obbo Mulugeetaa Xigguu qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Dannisaa Oliyyee keessatti maqaa Aadde Balaayinash Lagasaatiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Anuwaar Awwal Ahimaditti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bul/Magaalaa Nageellee Booranaa

---

## Buunnoo Beddellee

Aadde Maqdas Makuriyaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda Shuuramuu Gootaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4053/2016kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef kaartaan kun waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera akkasumas mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaa kan biraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

---

Aadde Taammiruu Bulaa mana Aanaa Gachii Ganda 01 Zoonii Roob-Gabaa 2ffaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa WQLAG-080/2017 ta'e Aadde Abiyoot Girmaatti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Gachii.

---

Obbo Tashoomaa Dinagdee mana Aanaa Gachii Ganda 01 Zooni Gabaa Arbii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa WQLAG-077/2017 ta'e Obbo Birhaanuu Amaareetti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Gachii.

# Aadaa

Oliifan Raggaasaa

# Yaa'ii Gadaa Arsiifi tumaaleesaa

Gadaan falaasama uummanni Oromoo kalaquun baroota dheeraaf dhimmoota siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaasaa ittiin gaggeeffachaa tureefi ammas jiruudha. Gadaan sirna bulchinsa uummata Oromoo kan miseensonni hundi walqixxummaan keessatti qooda fudhatan ta'ee dimokiraasummaan isaa madaallii kan hin qabne bu'uura dimookiraasii ammayyaa amma addunyaan tun ittiin bulaa jirtuudha.

Sirni kun dhiibbaa sirnoonni darban dhufaa darbaan irraan gahaa turaniin bakka tokko tokkotti laafaate turus dhiibbaawwan kallattii maraan irra gahaa ture dandamachuun har'a gaheera.

Oromoon Arsiis akkuma Oromootu biroo sirna Gadaan bulaa kan ture yommuu ta'u, gaafa diinni Gadaasaa balleessuuf itti duulu 'Lubaan malee qubaan hin bullu' jechuun diina meeshaa ammayyaa hidhateen harkaafi harma murameera. Sababa dhiibbaan kallattii adda addaatiin itti baay'ateef Gadaan Arsiis ciisee ture.

Wareegama qaalii gootonni ilmaan Oromoo kaffalaniin sirni Gadaa laafee ture ka'ee lubbuu horachuu danda'eera. Ilmaan Arsii Sikkoo Mandoos Gadaa Arsii ciisee ture deebisanii kaasuuf Waabee gamaafi gamanaa wal waamuun yaa'ii Adoolessa 05-06, bara 2017 Godina Arsii Lixaa Aanaa Nageellee Arsii Dhaddacha Guutaa Hara Laangaanootti gaggeeffateera. Yaa'iin kunis aadaafi duudhaa Oromoo jabeessuufi kunuunsuun dhalootatti dabarsu, barmaatiilee miidhaa geessisan ittisuu, Oromummaa jabeessuu, walbeekumsiifi walhubannaan Sikkoo Mandoo gidduu kan cimsu, tokkummaafi waldhageettiin kan cimsu, safuufi safeeffannaan cabe bakkatti akka deebi'u taasisuufi nageenya waaressuu kaayyeeffatee kan gaggeeffameedha.

Arsiin Dhaddacha 20 qaba. Dhaddachi 11 Baalee keessatti, 9 immoo Godina Arsii lamaan keessatti kan argamu yommuu ta'u, 21ffaan Oromoota Arsii Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa Hadiyyaa jiraataniif yaa'ii kanarratti saaqameera.

Yaa'ii Sikkoo Mandoo Adoolessa 5 hanga 6 bara 2017 Godina Arsii Lixaa Aanaa Nageellee Arsii Dhaddacha Guutaa Hara Laangaanootti gaggeeffame kanarratti Abbootiin Gadaa, Haadholiin Siinqee, maanguddoonni, qeerroofi qarree, hayyoonniifi keessummoonni hedduun argaman kanaan murtiileen jajjaboon aadaafi duudhaa karaarraa maqe qajeelchuun bakkatti deebisan jaha lallabamaniiru. Murtileen yaa'ichaan lallabaman kunis akkaataa armaan gadii kanaan qindaa'aniiru.



1. **Dhaddachoota Odaa Roobaa jala jiran deebisuu:**

'Dhaddachoonni Odaa Roobaa jala jiran 20'n deebi'anii saaqamuun hojii eegaluu qabuu muramtee muri

Dhadhachoonni hunduu wal qixaa muramtee muri

Gadaan Bultumaa har'arraa kaasee cidha ofii qopheeffatee Baallii Gadaa Horataatti dabarsuu qabaa muramtee muri

Gadaan Horataallee gooroo marmaaree cidha ofii guuttatee Baallii ofii bara dhufu fudhachuu qabaa muramtee muri

Dhaddachoota hundattuu Bokkuun deebi'uu qabaa muramtee muri

Gosti Gadaa hunduu Dhaddachoota ofii beekuu qabaa muramtee muri

Dhaddachoonni hunduu yaa'ii ofii beekuu qabu, deeffachuu qabu, itti deebi'uu qabuu muramtee muri

Kaleessa Arsiin Qaalluu qabdii muramtee muri

Qaalluu malee Gadaan hin toluu muramtee muri

Qaalluun galmatti deebitii muramtee muri

Wayyooma ofii kan kaleessaa deeffattii muramtee muri'

2. **Heera fuudhaafi heerumaa:**

'Fuudhaafi heerumni yeroo ammaa uumee ambaa gadi dhiisee jiraa muramtee muri

Wayyoomni dubartii laafee jiraa muramtee muri

Gosaa balbala laallachuun hafee jiraa muramtee muri

Miseensaa luba laallachuun hafee jiraa muramtee muri

Jaalaa alangeen hafee jiraa muramtee muri

Intalli heeruma dhabdee jirtii muramtee muri

Ilmi fuudha dhabee jiraa muramtee muri

Ijoolleen maatii dhabdee jirtii muramtee muri

Finni gatamaa jiraa muramtee muri

Gabbarri aadaa keenyaa mitii muramtee muri

Diiggaan gaa'elaa baay'atee jiraa muramtee muri

Ijoolleen keenya karaatti baatee asphaaltiirra dhaabbataa jirtii muramtee muri

**Kanaafuu**,

Fuudhaa heerumni uumee ganamaatti deebi'aa muramtee muri

Kadhata aadaatti deebi'aa muramtee muri

Qaraxa raadaatti deebi'aa muramtee muri

Nama kana tarkaanfatee ambaatu akka uumee ganamaatiin isa dhaqqabaa muramtee muri'

3. **Godaansa seeraan alaa:**

'Godaansa seeraan alaatiin ilmaa intalli galaanaafi gammoojjiitti dhumataa jirtii muramtee muri

Faddaalatu ijoollee gowwoomsee gammoojjiifi galaanaatti fixaa jiraa muramtee muri

Gara caalu faddaallis ijoolluma teenyaa muramtee muri

Horii guddaa irraa nyaataa jiraa muramtee muri

Kun dur hin jirreedhaa muramtee muri

Horii faddaalaaf kennitu san asumatti ittiin hojjattee jiraattaa muramtee muri

Faddaalaa jilba ambaatu isa dhaqqabaa muramtee muri

Jilba ambaatu itti yaasaa muramtee muri

Ijoolleen fadaalli erge yoo duute faddaaltichi sun harkichaa muramtee muri

Gumichaa muramtee muri'

4. **Safuufi safeeffannaa:**

'Safuufi safeeffannaan ni laaftee muramtee muri

Safuun kan Waaqaatii muramtee muri

Haati wayyuu muramtee muri

Abbaan wayyuu muramtee muri

Soddaan wayyuu muramtee muri

Soddaatiin wayyuu muramtee muri

Jaalli wayyuu muramtee muri

Gadaan wayyuu muramtee muri

Qaalluun wayyuu muramtee muri

Malkaan wayyuu muramtee muri

Gaarri wayyuu muramtee muri

Ragaan sobaa baay'ateeraa muramtee muri

Amaanaa nyaachuun hammaatee jiraa muramtee muri

Wayyoomni haadhaa abbaa

Gara fuula 15tti

Obbo Taajuu Abbaa Olii mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo keessaa qaban B/saa Eebbisaa Amanuu Ibsaatti gurguradheera waan jedhaniif,kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga bultii 21 haa dhiyaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Dosee Guutaa Magaalaa Beddellee ganda Shu/Gootaa keessatti qabeenyaa hin sochoone mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru,kaartaan na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu,namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta'e kan biraa bakka baafnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Beddellee.

Obbo Geetaachoo Yilmaa fi Aadde Massalach Takiluu Magaalaa Beddellee ganda Shu/Gootaa keessatti qabeenyaa hin sochoone mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Lakk.Kaartaa L-0466/08 ta'ee maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Saamu'eel Hayiluu fi Aadde Amsaalee Siisaayiif kenninera jedhaniiru. Kanaafuu,namni mormu ykn mirga qabeenyaa kana irraa qabu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e maqaa kan naannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Beddellee.

# Gujii

Obbo Baayyuu Worquu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhuoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 393.75 irratti argamu Obbo Mangistuu Bayyanaati gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan moemu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Mixiin Kaasayee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Mudiin Huulalaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan moemu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Masfiin Gabayyoo mana jireenyaa Lakk.AW/GOD/152/08 rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina 200$M^2$ irratti argamu lakk. kaartaasaa 3682/2013 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Obbo Ashanaafii Guyyee Dukkaleetti kan gurgureef waan ta'eef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu,jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Abduu Wakannee mana daldalaa balbala lamaa Magaalaa Bulee Horaa keessaa qaban lakk. kaartaasaa BH/188/A.37/2013 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 802.35 irratti argamu Obbo Nasibuu Abduutiif kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu hin dhihaanne yoo ta'u, waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Aadde Ushee Waaree mana jireenyaa magaalaa Bulee Horaa keessaa qaban lakk.kaartaasaa BH/1135/U.85/2013 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Baqqalee Mulaatuutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.hin dhihaanne yoo ta'u, waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Dammaqee Dagafaa mana jireenyaa Magaalaa Bulee Horaa ganda Ardaa Biyyaa keessaa qaban lakk. kaartaasaa OR011030707004 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$371.561 irratti argamu Aadde Boontuu Gannaaleetti gurgureera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. hin dhihaanne yoo ta'u, waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Abduu Wakannee mana Daldalaa balbala Sadii Magaalaa Bulee Horaa ganda Ardaa Biyyaa keessaaa qaban Lakk.Kaartaasaa BH/5305/A.37/2015 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 270 irratti argamu Obbo Awol Abduutiif kenneera jedhaniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta'e, waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Abdii Boruu mana jireenyaa balbala afurii Magaalaa Bulee Horaa ganda Gorroo Guddinaa keessaa qaban lakk.kaartaasaa BH/111/M.401/2013 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 1292.65 irratti argamu Aadde Negelee Kaasaa tti gurgureera jedhaniiru. kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'u, waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Aadde Shiibirree Elemaa mana jireenyaa isaanii balbala tokk0 magaalaa Bulee Horaa ganda Ejjersaa Fooraa keessaa qaban lakk.kaartaasaa OR011010602005 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 432.46 irratti argamu Obbo Hayilee Gararroo tti gurgureera jedhaniiru. kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'u, waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

Aadde Shibbiree Sileeshii mana jireenyaa lakk.isaa OR003011401019 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 307.5 irratti argamu Obbo Fiqaauu Abebeetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Massalech Dibaabaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Shumgazee Massaleetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Daggineesh Teeqaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 350.9 irratti argamu Aadde Qaballee Gammadaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Nugusee Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 186.62 irratti argamu Obbo Nugusee Kottolaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Taarikuu Amdee mana jireenyaa lakk.isaa OR003030310010 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200.9 irratti argamu Obbo Tasfaayee Xepheloottii gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Honellinyi Daribaawu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 454 irratti argamu Marigeetaa Wahaabee Nigaat bakka bu'uudhaan Aaadde Silee Ayyaleetti gurgureera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Abbuu Bahaayiluu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 280 irratti argamu Samiraa Yaasinitti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Dukkallee Guyyee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Siidaa Gulummaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Wandiyyee Kaasaayee mana jireenyaa Lakk. --- rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina 370$M^2$ irratti argamu lakk.kaartaasaa 9700/17 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru obbo Fayyisaa Gaaddisaa Hondeetti waan gurgureef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu,jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Morkataa Baqqalaa Dukkallee mana jireenyaa Lakk.isa OR043020912015 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda L/Duufaa keessatti keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 203 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7139/15 ta'e Obbo Habtaamuu Taaddasee tti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Buzaayyoo Malkaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 200$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Gammachuu Masfinitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Hagayyaa Biraanuu Dirribaa mana jireenyaa Lakk.AW/Ga/D134-08 rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina 200$M^2$ irratti argamu lakk.kaartaasaa 3310/12 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Obbo Shimallis W/Yohaannisitti waan gurgureef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu,jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Tamasgeen Charinnat mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Uddoo Dhadachaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan moemu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Siidaa Gulummaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003030610017 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 276 irratti argamu Obbo Eermiyaas Taaddasaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

# Harargee

**Aadde Hiruut Tasfaayee Waldamaariyaamiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Obbo Daawwit Yohannis Yaaqoobiifi himatamtuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Mi'eessoo

# Iluu Abaa Boor

Obbo Alamuu Nugusee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda Q/K keessaa qaban lakk. kaartaa isaa 4601/03/2016 ta'ee maqaa isaanitiin kennameef lafa bal'ina M²383 irratti ijaarameefi sadarkaa iddoo 2ffaa Tajaajila Lafaa R1 kan ta'e Obbo Indaganaa Girmaatti gruguradheera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Asaamminoo Caannaaloo mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda 03 keessaa qaban lakk. kaartaa isaa 862/99 ta'een maqaa isaanitiin kennameef M²200 irratti ijaaramee jiruu fi sadarkaa iddoo 2ffaa kan ta'e karaa bakka bu'aa koo Obbo Naasir Imaamuutti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Aadde Hayimaanoot Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 208 irratti argamu, lakk.kaartaasaa 5990/02/2017 ta'e,sadarkaa iddoo CBD2,tajaajila lafaa R2 kan ta'e,Aadde Fireegennet W/Wasanitti gurureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Alamtsahaay Baqqalaa, Mastawaal Kumaa fi Seenaaf Kumaa mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti ballina M²173.57 irratti argamu lakk.kaartaasaa Dhu/759/2017 ta'e Obbo Abraaham Tsagaatti gurguratanii jijjiiramaa maqaa waan jiruuf kan mormu yoo jiraatee beekisfni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Yaayyoo

Obbo Toofiq Isaa mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti ballina M²200 irratti argamu lakk.kaartaasaa Dhu/546/2015 ta'e, Obbo Sufiyaan Abirenitti waan gurguratanif kan mormu yoo jiraatee beekisfni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Yaayyoo

Obbo Seefuu Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti ballina M² 300 ta'e, lakk.kaartaasaa Dhu/977/2017 ta'e, Obbo Mallas Xilaahunitti waan gurguratanif kan mormu yoo jiraatee beekisfni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Yaayyoo

Obbo Kadir Ahimad mana jireenyaa Aanaa Yaayyoo Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti ballina M² 227 irratti argamu, lakk.kaartaasaa Dhu/938/2017 ta'e, Obbo Aderaaj Waaseetti waan gurguratanif kan mormu yoo jiraatee beekisfni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Yaayyoo

Obbo Angasoon Likee mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Bilbilaa Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu Obbo Igaatuu Margootti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Wandimuu Axanaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Tokkummaa Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 300 irratti argamu Aadde Warqinesh Birhaanutti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Takkaalinyi Tasfaayee mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii A/Borii Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu Obbo Eeliyas Yilmaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Aadde Birqee Asnaaqee, Aadde Nigisti Asnaaqee ,Obbo Solomon Asnaaqee, Naaggaa Asnaaqee Araggaa Asnaaqee, Obbo Abbiyyi Asnaaqeefi Aadde Fireehiwoot Asnaaqee mana daldala Magaalaa Hurrumuu Zoonii Dega Basii keessaa qaban ballina M² 470 irratti argamu Obbo Maruu Mucceetti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Habtaamuu Charinnat mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii A/Borii Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu Obbo Alii Ishootti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Wandimu Axanaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Tokkummaa Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu Obbo Malaakuu Birhaanuutti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Mulugeetaa Nuuraa mana jireenyaa Magaalaa Goree Ganda Dirree Xiyyaaraa (03) keessatti ballina lafaa M² 200 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa WQL/4382/M/07 ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Obbo Indaalkaachaw Abdiisaa Tibbaa tti gurguruuf iyyata waan dhiyeeffataniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Mahibuub Mahamed mana jireenyaa Magaalaa Goree Ganda Dirree Xiyyaaraa (03) keessatti ballina lafaa M² 200 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa WQL/4379/2017 ta'e, Maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Aadde Haalima Ibraahim Abbaa Fiixaatti gurguruuf iyyata waan dhiyeeffataniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Ishedetuu Gaaddisaa mana jireenyaa Magaalaa Goree Ganda Gaaddisaa Odaa (01) keessatti ballina lafaa M² 200 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa WQL/4385/I/2017 ta'e, Maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Aadde Qamaru Kadiirtti gurguruuf iyyata waan dhiyeeffataniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Kaliil Muzayyiin mana jireenyaa Magaalaa Goree Ganda Dirree Xiyyaaraa (03)keessatti ballina lafaa M² 170 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa WQL/4339/K/2017 ta'e, Maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Aadde Hikmaa Juneediitti gurguruuf iyyata waan dhiyeeffataniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Biraanuu Tasamaa mana jireenyaa Magaalaa Goree Ganda Dirree Xiyyaaraa (03) keessatti ballina lafaa M² 200 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa WQL/3060/B/2015 ta'e, Maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Aadde Masarat Bafqaadutti gurguruuf iyyata waan dhiyeeffataniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

# Jimmaa

Aadde Tamiimaa A/Fixxaaa faa N-3 kaartaan hin sochoone lakk.isaa 2974/2011 fi lakk.waliigaltee lizii 4004 ta'e,tajaajjilli isaa mana jireenyaaf oolu, maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Jimmaa Ganda G/ Guduruu keessatti argamu na jalaa badeera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaa ala akka ta'etti lakkaa'amee kan biraa kan kennamuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa.

Maqaa Abbaa qabeenyaa Obbo Abdulaziiz A/ Boor Baajaajii Lakk. Gabatee isaa OR A1704592 kan ta'e Libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa,yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf Libiree kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Eejjensii Geejjibaa Aanaa Qarsaa

# Shawaa

**Caalbaasii**

M/A/Mirgaa Obbo Galatoo Haajii fi M/A/Idaa Obbo Shuggixii Dinquu fi Obbo Magarsaa Tarbaabaa jidduu falmii himannaa raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa kan addeessaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessatti argamu lafa bal'inni isaa **105** M² kan ta'e gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 508,207.37tiin gaafa 21/01/2018 sa'aatii 3:00 hanga 6:30tti caalbaasii ifa ta'een iddoo manichi argamutti waan gurguramuuf namnoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan tilmaama ka'umsaa caalbaasiirraa 25% CPO qabsiisuun dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Alamuu Taaddasaatiif
Bakka jirtanitti

Iyyattuun Aadde Sannaayit Katamaa fi waamamaan isin gidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee waamamaam kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 14/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan qabattanii dhiyaachuun akka falmattan ibsaa, deebii keessan qabattanii hin dhiyaattan yoo ta'e mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan bira kan darbamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobii

**Aadde Galaanee Safaraatiif**
**Obbo Kabbadaa Shuumiitiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Buzaayyoo Shuumii fi Himatamaan Waldaa Amantaa Qulqulluu Laalibalaa jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtoonni kun falmiitti makamuu mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/11/2017 sa'aatii 5:30 irratti dhihaattanii deebii keessan kennattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Muuxannoo

Masarat Amanaa

# Misooma dinagdee Magariisaa biyya Hindii

Warraaqsa Magariisaa kana kallattii lamaan ilaaluu dandeenya.

1ffaa Biyyoota guddinarra jiran keessatti warraqsa misooma magariisaa jechuun Oomisha qonnaa keessatti sanyii filataamaa, xaa'oofi qorichaa aramaatti fayyadamuun Oomishaafi oomishtummaa dabaluun wabii midhaan nyaataa mirkaneeffachuu yoo ta'u

2ffaa Biyyoota guddataniifi idustiriin badhaadhan keesatti warraaqsa magariisaa jechuun xiyyeefannoo kunuunsa naannoofi hamma kaarboonii naannoo xiqqeessuun faalama qilleensaarraa walaba gochuuf hojii hojjetamu ta'uu hiikti Wiikipidiyaa ni addeessa.

Hojiin misooma dinagdee magariisaa addunyaarratti hayyootaafi Ogeessota Dinagdeen fudhatama argachuun erga tarsiima'ee waggoota kurnan lama ol lakkoofsisaa jira.

Yaadni rimee tarsiimichaa dinagdee magariisaa, guddina walitti fufaa fiduufi kaarboonii xiqqeessuun addunyaa faalama qilleensaarraa walaba ta'ee lubbuu qabeeyyiif mijate uumuu dha. Biyyoota guddinarra jiran dhimma warraaqsa magariisaan milkaa'an keessaa hindii haa fudhannuu.

Warraaqsi magariisaa biyyaa Hindiitti kan jalqabee bara Fooyya'insa teekinolojii qonnaafi mala qonna ammayyaatti dhimma bahuun jalqabeetti.


Akka qulfiitti gahee gaggeessummaa warraaqsa magariisaa kana kan bahe Saantistii Qonnaa Biyya Hindii kan ta'e M.S. Swaamiinaataniifi hiriyootasaa birooti. Kanaanis maqaa Abbaa Warraaqsa Magariisaa Hindii "Father of Green Revolutin of India" jedhuun baay'ee beekama.

Warraaqsi Magariisaa biyyoota guddataa jiranii kanneen akka hindii keessatti baay'ee dhimmaa itti ba'ama. Kunis Oomishaa qonnaa baay'ee gadi aanaa ta'ee fooyyeessuun wabii nyaataa mirkaneessuuf tarkaanfii fudhatamuu jalqabeen. Biyya Hindii keessatti bara 1960 kaasee sanyii midhaan nyaataa dabaluuf hojii guddaatu hojjetame. Keessuma naannoo Puunjaab, Haariyaanaafi Attar Piraadeesh jedhaman keessatti dursee jalqabe.

Kan caala itti xiyyeefatame gosa oomisha qamadii garaagaraa Waagii dandamachuu danda'aniidha. Akka ragaaleen ibsanitti ummatni dhibbantaa 49(49%) biyya Indiyaa hojii qonnarratti argamu. Jalqabiin gosa sanyii oomisha gaarii kennuutti xiyyeeffachuun kan jaqabe bara 1965 asitti yoo ta'uu fayyadama xaa'oofi jallisiitti daran cimaa dhufuun "Warraaqsa Magariisaan" Indiyaa sanyii midhaan nyaataan of dandeesse uumuu danda'e.

Sagantichi gargaarsa yuunaatid isteetiin faawondeeshinii Rook Feeller jedhamuu waliin ta'uun gosa qamadii, ruuziifi midhaan biroo oomisha olaanaa kennuu danda'anirratti xiyyeeffachuun biyyota Meeksikoofi Filiippiinsitti guddataa dhufe. Kanneen keessas oomishni qamadii bu'aa abdachiisaa fiduu danda'e.

Waliigalaan gosa oomisha adda addaa bal'ina lafaa heektaara miiliyoona 1.9 bara 1960 ture bara 1970 lafa bal'ina heektaara miiliyoona 15.4 bara 1980 tti gara heektara miiliyoona 63.9 guddateera. Haata'u malee lafti oomisha bara 1980 booda lafti kanaaf



oolu xiqqaachaa deemuun mudateera.

Faayidaawwan Warraaqsa magariisaa bara 1965 hanga baroota 1980 kaabaafi Kaaba-Dhihaa Indiyaatti duudhaffatameera. Sagantichis callaafi callummaa midhaan nyaataa keessumattuu qamadiifi ruuziirratti dabaleera. Bara 1980 dhibbantaan 75 lafa qonnaa midhaan sanyii qamadiin uwwifamuu danda'eera. Yeroo kana kan ruuzii waliin wadaalchifamu dhibbantaa 45/45%/dabaleera kunis kamirratti xiyyeeffannoon akka kennuu qabaniif isaan gargaare.

Waraaqsi magaariisa kun bal'ina naannoofi fedhii wal hin simne fide. Kanaaf karoorichi akka raawwatuuf naannoo dhiyeessi bishaan qabu, xaa'oo galtee bal'aa ta'u jiruufi to'atamuu danda'u keessatti akka ta'u taasifame. Galteen kunneen immoo akka salphaatti argamuu kan danda'u bulchinsa naannoo puunjaab, Haariyaanaafi Dhiyaa Attar Piraadeesh. Naannoolee kanatti callaafi calluummaan baay'inaan dabale.

Naannoolee biroo kanneen akka Andharaa piraadeeshiifi Taamil naaduu jedhaman bakkee wantootni akka galteetti fayyadan hin gahaa hin taanetti oomishni kun xiqqaa ta'e.

Warraaqsi magariisaa kun karaa gara biraa galii wal hin simne uume. Kunis bakkee callaafi calluummaan dabaletti galiin jirattotaa waan dabalaa dhufeef lakkoofsi hiyyuummaa kan xiqqaataa deeme yoo ta'uu bakkeewwan galtee armaan olittii caqasaman hin guuttanne oomisha baluu dadhabuun umrii hiyyuummaa dheeressuu danda'eera.

Erga qorattootni gosa qamadii Callaa guddaa kennuu adda baafatanii waantota akka galtee ta'an kanneen akka xaa'oo, jallisiifi sanyii qamadii filatamaa waagii dandammachuu danda'u gosa /HYVs/ qopheessuun qonna mala ammayyaan babal'isuutti fuulleeffatan. Kanaanis wabii midhaan nyaataa mirkaneeffachuu danda'aniiru. Bakkeewwan dura callaa gaarii kennuu hin dandeenyettis yaaliin wal fakkaatuu erga taasifamee booda milkaa'ina walfakkaatuu argachuu danda'ameera. Kunis Warraaqsa Magariisaa Hindii "Green Revolutin of India" jedhamuun baay'ee beekamaa ta'eera. Kanaaf ofiis ta'ee biyya isaaniif furmaataa waaraa argamsiseera.

Egaa dubbistootnifi qooddattootni dubbisa kanaa, kana irraa ka'uun biyya keenya haa xiinxallu. Rakkoon wala fakkaatu bara hedduu nu mudataa tureera mudataas jira. Rakkoo kana mo'uuf mootummastarsiimoofi inisheetiviiwwan adda adda bocuuniif hubannoo hawaasaa cimsuun Wabii midhaan nyaataan of danda'uu, ahaaraa magaroiisaa lafa kaa'uun gaagga'ama jijjiirama qilleensaan walqabatee mudataa jiruuf fala kennuufi qabeenya bishaan keenyaa cimmisuufi misoomsuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira.

Karaa biraa hojii akka biyya keenyaattis ta'e akka Naannoo Oromiyaatti hojiin oomisha qamadii bona jallisiifi Ganna roobaan oomishuun wabii nyaataa mirkaneeffachuu darbees alergiif qopheessuuf xiyyeeffannoo addaan hojjetamaa jira.

Keessattuu akka Naannoo Oromiyaatti waaggoota 6n darbanii kaasee oomishaafi oomishtummaa qamadii guddisuuf hojjetamaa tureefi jirus callaafi calluummaa qonnaan bulaa dabaluun biyya wabii midhaan nyaataa mirkaneeffatte uumuuf bifa duulaanis ta'ee dhuunfaan hojjeetamaa jira. Darbees tarsiimoo misooma mgariisaa biyyootni guddataa jiran taasisaa jiran keessatti biyyi keenya Itoophiyaan addadurummaan tarsiimoo misooma magariisaa tarkaanfachiisaa jirti. Kanaanis bu'aan abdachiisoo ta'an argamaa jira. Bu'aa gabbina biyyoo dhufee fi cimmisa bishaan lafa jalaan taasifameen gaheen oomishaafi oomishtummaa keenyaas abdachiisaa dhufeera.

Kanaaf nutis shoora misooma biyyaa keessatti qabnu hojiilee misooma magariisaa kunuunsa qabeenya uumama darbees, argannoo biraa biyya keenyaaf furmaata dinagdeefi ce'umsa teekinolojii ta'an keessatti shoora ba'uu qabna jenna.

# Dinagdee

*Hizqi'eel Tashoomaa*









## Magaalaa Baatuutti Pirojeetiiwwan 20 qarshii miliyoona 400 oliin hojjetamaa turan xumuramuun tajaajilaaf banaa ta'an

Bulchiinsa Magaalaa Baatuutti pirojeektonni misooma qarshii miliyoona 400 oliin hojjetamaa turan madda carraa hojii uumaniiru jedhame.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa barii jijjiiramaa irraa eegalee bu'uuraalee misoomaa rakkoowwan bulchiinsa gaariif furmaata ta'an hedduu hojiitti hiikuun fayyadamummaa hawaasa roga hundaan mirkaneessuuf hojjechaa tureera, hojjechaas jira.

Pirojeektonni Naannoo Oromiyaa keessatti tajaajila garaa garaaf akka oolaniif hojjetamaa turan kuneenis rakkoo hawaas-dinagdee hiikuun fayyadamummaa hawaasaa gama hundaan akka mirkaneessaniif xiyyeeffannoo ol-aanaadhaan hogganamaa tureera.

Hooggansi pirojektootarratti kennamaa tureefi jirus baay'ina,saffina dabaluun pirojektonni karaa qulqullinaa qabuun akka hojjataman haala mijaa'aa uumee jira.

Kanaanis pirojeektonni hojjataman baasii dabalataaf osoo hin saaxilamiin yeroo qabameef keessatti xumuruun rakkoo hawaas-dinagdee uummata karaa hiikuufii carraa roga hedduu hawaasaaf uumuu karaa danda'uufii waadaa gochaan akka muldhatu taasisaa dhufeera.

Imalli kunis damee ijaarsaa keessatti seenaaa aadeffama dhagaa bu'uuraa kaa'uu maqsuun bu'uuraalee misoomaa baay'inaan, ariitiifi hojiiwwan kanas qulqullinaan xumuruun tajaajilaaf banaa taasisuurratti hojiiwwan hojjetaman boqonnaa haaraa saaquu danda'eera.

Bulchiinsi Magaalaa Baatuus bakkeewwan hojiin bu'uuraalee misoomaa Rakkoo hawaas dinagdee hiikuuf karoorfame keessatti raawwatamaa dhufan keessaa isa tokkodha.

Magaalaa kanatti bara baajataa xumurame kana keessaatti Pirojeektota misoomaa garaa garaa 20 ol qarshii miiliyoona 400 caaluun xumuruun tajaajilaaf banaa ta'eera.

Pirojektonni kuneenis xumuramuun tajaajilaaf kan qophaa'aniifi tajaajila kan jalqaban jiraachuu Hojii Geeggeessaan Mana Qopheessaa Magaalaa Baatuu Obbo Quufaa Gabawoo ibsaniiru.

Adeemsa hojii ijaarsaafi xumuraa booda turenis namoota kuma 8 oliif carraan hojii yeroofi dhaabbii uumuun danda'ameera.

Pirojektoonni ijaaramaan kanneeniis karoora imala badhaadhinaa mirkaneessan ta'uu Obbo Quufaa Gabawoon yaadachisaniiru.

Dabalatanis, hirmaannaa abbootii qabeenyaafi hawaasaa magaalaa qarshii miliyoona 90 ol ta'uun bu'uuraaleen misooma kooridaraa diriirsuun tajaajilaaf banaa ta'uu kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Baatuu Obboo Ahimaddiin Usmaa'el himaniiru.

Pirojektonni hojjetamaa turaniis galmi guddaan Magaalaa Baatuu, Misooma Qarqara Haroo Dambal, misooma koriidaraa, Sheediiwwan Kilaastaroota Horsiisa Beeylada, Furdisaa horii foonifi Misooma Aanaanii, Industrii Godoo, Mana Baruumsa Bu'uura Boruu, Bo'oowwan lolaa, Magarisuma, kan dabalatu ta'uu Obbo Ahimaddiin ibsaniiru.

Hawaasni magalichaas pirojektoota xumuramanii tajaajilaaf banaa ta'an kunuunfachaa, kanneen adeemsa ijaarsaa jala jiranis yeroon xumuramee tajaajila barbadamuuf akka oolu tumsuu akka qaban Obbo Ahimaddiin dhaamaniiru.

*Kominikeeshinii Magaalaa Baatuutiin*

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

**Aadde Ayinaalam Qabbaneessaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Iyyataan Obbo Qadaamaawwii Xilaahuniifi waamamtuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti deebii keessan qabattanii dhiyaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, mirgi deebii keessan dhiheeffachuu bira darbamee falmii bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

---

**Obbo Gaaddisaa Urgaa'aatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Birqii Baqqalaafi waamamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Ejeree.

---

Aadde Aleme'or Kadiir Nagahee mirriitii lakk.isaa 167631 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'e,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

---

Obbo Nugusee Qammaachoo Nagahee Lakk.isaa 762635 kan ta'eefi Kaartaa Lakk. isaa ቡ/ል/ቀ/A110-809/84 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu`e akka kenninuuf gaafataniiru. kanaafuu,namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka bu`e kan hojjenne kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Buraayyuu.

---

Obbo Warquu Darib Nagahee Lakk.isaa 429298 kan ta'eefi Kaartaa Lakk. isaa ቡ/ል/ቀ/A110-811/84 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu`e akka kenninuuf gaafataniiru. kanaafuu,namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka bu`e kan hojjenne kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Buraayyuu.

---

Obbo Shamsuu Mahaammad Hasan Nagahee Lakk. isaa 035230 kan ta'eefi Lakk. Galmee 1697 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu beeksifachuu yoo baate, ragaa abbaa qabiyyummaa (Nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

Aadde Warqinash Kumaa Caalchisaa nagahee mirriitii lakk.isaa 1500194 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'e,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

---

**Obbo Seefuu Alamaayyootiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Leellisee Taaddasaafi himatamaa isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu bira barbamee falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Ejeree

---

Aadde Wayinsheet Kabbadaa nagahee lakk.isaa 1117772 ta'e, maqaa Obbo Abbuu Dinqaatiin galmaa'ee beekkamu waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

---

**Obbo Eermiyaa Abbabaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattoonni Masarat Mokonnin faa N-6 fi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 16/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Sulultaa

---

Aadde Hilliinaa Balaay Taaddasaa Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibbaayyuu Aanaa Dh/Booraa keessatti qabiyyee mana jireenyaa kaartaa lakk.isaa B/03/P/03/15 ta'e,ballina $M^2$ 105 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru kaartaan orjinaalli najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda adddaatiin qabadeera jedhu yoo jiraate beeksifn kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu

---

Obbo Fakirii Hasan Abduu Kaartaa Lakk.isaa S/23532/2001 kan ta'eefi Lakk. Galmee F-995 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu beeksifachuu yoo baate, ragaa abbaa qabiyyummaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

Obbo Hayiluu Tafarii kaartaa lakk.isaa M/D/Ki-1770/01 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu an arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraaye beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhihaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan kaartaa koppiin kan keessumeessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

Aadde Beezzaa Tashoomaa Alamuu waraqaan ragaa kaartaa lakk.isaa ጫ/760/87-WLEN 348/2004 ta'e ,orjinaalli najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa fi Eeggmsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Caancoo

---

**Obbo Indashaw Yaamiitiif**
**Bakka jirtanitti**
R/Himataan Obbo Daani'eel Xilaahun faa fi R/himatamaa isin jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee R/himatamaan kun mana murtii kanatti dhiyaatee akkaataa murtiin kennameen akka raawwatu beellama gaafa 14/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti dhiyaatee akka ibsu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Adaamaa

---

Aadde Hilliinaa Basazinaawu mana jireenyaa Magaalaa Maqii ganda Odaa keessatti argamu lakk. kaartaasaa 530/01/Maqii/94 ta'e ,maqaa kootiin galmaa'e naaf kenname waan na jalaa badeef haftee jiru akka dhimmii kiyyaa naaf hojjatamu jechuun nu gaafataniiru.Kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabaate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 (digdama) keessatti akka deebisuuf yoo ta'u baate Lakk.kaartaa kana hafteen kan keessumeessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi Egumsa Naannoo Magaalaa Maqii

---

Obbo Geetaachoow W/Gabreel B/B Mahaaleet Geetaachoow Magaalaa Ejeree Ganda Burqaa Tulluu Ejeree keessaa iddoo mana jireenyaa galmaa'e ture waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.9061/1 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e balina lafaa 83.7$M^2$ irratti argamu waan na jalaa badeef kan biro bakka bu'ee akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. kanaafuu,namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa biraa kan kennimuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Ejeree.

---

**Obbo Daamxoo Baqqalaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Addunyaa Dibaabaa fi himatamaa Obbo Tizaazuu Bazzuu jidduu falmii Tilmaamaa qabeenyaa jiru ilaalchisee waamamaan kun falmiitti makaamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yo ta'e,falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Sulultaa

---

Obbo Mulaat Mahaarii Fissahaa Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhiitti mirkaneessi qabiyyee OR00004108854011 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e argamu na jalaa badeera jechuun iyyataniiru. Kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e, kaartaa mirkaneessaa qabiyyee biroo hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Kaadaastaraa Kutaa Magaalaa L/X/L/Dhaadhii

---

Obbo Dannaboo Juullaa Magaalaa Baatuu Ganda Dambal waraqaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana daldalaa Lakk.Galmee 23119491 fi Koodii Lafaa OR029030402029 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu`ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. Kan mormu yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biroo kan kenninuuf ta`uu ni beeksifna. Waajira Lafaa Magaalaa Baatuu.

---

Obbo Hayiluu Goobanaa Magaala Baatuu Ganda Battallee waraqaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana daldalaa kaartaa lakk.isaa 104B/1448/83 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu`ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. Kan mormu yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biroo kan kenninuuf ta`uu ni beeksifna. Waajira Lafaa Magaalaa Baatuu.

---

Obbo Xilaahuun Qatsaalaa kaartaan iddoo mana jireenyaa Magaalaa Mataaharaa keessatti lakk.isaa M/1131/96 kan ta'e Magaalaa Mataaharaa keessatti waan jalaa badeef kaartaan biraa hojjatamee akka kennamuuf iyyataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e, kaartaa haaraa hojjenne kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.W/ra Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Mataaharaa

---

Obbo Hordoofaa Roobii Magaalaa Bishooftuu Aanaa Arsadii keessatti kaartaan lakk.isaa 10/4 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e, galmee haaraa bannee kan keessummeessinu fi tajaajila barbaachiisu hunda kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Calalaqaa

**Aadde Kadijaa Kadiiriitiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Obbo Saafuu Gaariifi himatamtuu isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2017 sa'aatii 8:45 irratti deebi keessan barreeffamaan qopheeffattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Sulultaa

---

**Obbo Zawuduu Birhaanuutiif**
**Bakka jirtanitti**
R/Himataan Baankii Awaash (W.A) fi R/Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 4:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa.

---

Aadde Kaasaayee Mallasee Abaatee Kaartaa Lakk. isaa AA0000902019911840321 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu beeksifachuu yoo baate, ragaa abbaa qabiyyummaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

Obbo Girmaa Tashoomaa kan jedhamu Kaartaa iddoo mana jireenyaa Magaalaa Mataaharaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee Lakk. Kaartaa 883/99 ta`een galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabatee jiru yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo hin jiraanne kaartaa haaraa hojjennee bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bul/Magaalaa Mataaharaa.

---

Aadde Siinqee Caalaa Addunyaa Magaalaa Ejeree Ganda Burqaa Ejeree (02) keessaa iddoo lafa mana jireenyaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti ijaaramee jiru, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk. isaa WBIFLME/300/859 ta'een galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Ejeree

---

**Obbo Moosisaa Baqqalaa Caalaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Maqdas Dammaqaa Ammaa fi Himatamaan isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaattanii deebii keessan kennitanii akka falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

---

**Aadde Taabituu Lammaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattoonni Aadde Raggaatuu Abdii fa'aa N-5fi Himatamtuu isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaattanii deebii keessan kennitanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Barrak.

---

Obbo Dastaa Abarraa Dullumee Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee Aanaa Waddeessaa keessatti mana jireenyaa waliinii carraa isaan gahee Piroojektii 17 Bilookii B-458 Lakk.Manaa B-458/41 Lakk.Kaartaa ኢ/ቃ/828/25/77955/00 Seerii Kaartaa Lakk. 1566915 Abbaa Ciisicha tokkoo(1) Darbii 5 bali'ina manaa 64.96$M^2$ kan ta'e kaartaan orjinaalli isaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni sanda kana argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta'uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa'ame faayila keessaa ilaalamee kaartaa haaraan hojjatamee kan bakka bu'uu ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee.

---

**Obbo Fiqaaduu Tasfaayeetiif**
**Bakka Jirtanitti**
Iyyattuun Aadde Boggee Gazzeefi waamamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/11/2017 sa'aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Waacaalee

---

Obbo Taaddasaa nagahee mirriitii lakk.isaa 1498253 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'e,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

---

**Caalbaasii**
Murtii Abbaa Mirgaa Aadde Muluu Addunyaa fi Murtii Abbaa Idaa Obbo Guutuu Tufaa N-2 jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee Baajaajii Lakk.Gabatee OR-01-82632 kan ta'e,maqaa R/Himataaa Obbo Guutuu Tufaatiin galmaa'ee yeroo ammaa qajeelcha poolisii Kutaa Magaalaa Roobee jiru,ka'umsa gatii caalbaasii qarshii 143,748tiin caalbaasii ifa ta'een gaafa 21/11/2017 sa'aatii 5:00 - 6:00tti waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan gatii ka'umsa caalbaasii keessaa 1/4 CPO qabsiisuun bakka qabeenyi kun argamu qaamaan argamuun bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Kutaa Magaalaa Daabee

---

Aadde Shittaayee Hingaabbuu Magaalaa Walisoo Ganda Ejersaa keessatti ragaa manaa jireenyaa qaban Kaartaa Lakk.isaa W/1654/95 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu waan nu jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaafi pilaanii manaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

---

Aadde Shittaayee Hingaabbuu Magaalaa Walisoo Ganda Ejersaa keessatti ragaa manaa jireenyaa qaban Kaartaa Lakk.isaa W/1653/95 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu waan nu jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaafi pilaanii manaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

---

Iyyattoota Obbo Dirbaabaa Abbabaa faa N--3 fiWaamamaa Obbo Baacaa Kabbadaa gidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee,Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/11/2017 sa'aatii 3:30 irratti deebii keessan qabattanii dhiyaachuun akka falmattan jechaa, deebii keessan qabattanii dhiyaachuun kan hin falamnne yoo ta'e,falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uu Manni Murtii ajajeera **Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobii**

---

Aadde Yikkaanuu Kaasaahuun Addunyaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee Aanaa Waddeessaa keessatti mana jireenyaa waliinii carraa isaan gahee Piroojektii Koyyee Faccee Bilookii B-40 Lakk.Manaa B-40/21 Lakk.Kaartaa 48652 Seerii Kaartaa Lakk. 1422785 Abbaa Ciisicha Studiyoo Darbii 2ffaa bali'ina manaa 41.96$M^2$ kan ta'e kaartaan orjinaalli isaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni sanda kana argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta'uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa'ame faayila keessaa ilaalamee kaartaa haaraan hojjatamee kan bakka bu'uuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee.

---

Aadde Kaasech Maammoo Kaartaa Lakk.isaa 403/K-02/2011 ta'e ,maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Fiichee keessatti kennameef waan jalaa badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu kaartaan biraa kan kennamuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Fiichee

---

**1ffaa Eeliyaas Nazimuutiif**
**2ffaa Hilliinaa Darajjeetiif**
**Bakka Jirtanitti**
Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viizhiin Fandii Dame Buraayyuufi Himatamtoota isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan ta'ee, yoo kan hin dhiyeeffanne ta'e mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar.

---

**Waldaa IMX Birhaanuu Qabbannee fi Hiriyoota isaaniitiif**
**Bakka Jirtanitti**
Himataan Waajjira Daandii fi Loojistiki Aanaa Gooroofi Himatamtoota isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura karaa kutaa ofiseera seeraa mana murtiitiin himannaa isinirratti dhiyaate fudhattanii deebii keessan barreeffamaan qabattanii beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Gooroo.

---

**Aadde Geexee Angaasaatiif**
**Bakka Jirtanitti**
Iyyataan Obbo Garasuu Kaawoo fi waamamatuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti deebii keessan akka dhiyeeffattan ta'ee, kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e mirgi debii kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

Iyyataan Shuguxee Duubee Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibbaayyuu Aanaa Dh/Booraa keessatti qabiyyee mana jireenyaa ragaa kaartaa orjinaalaa Kaartaa Lakk.isaa 15/21 kan ta'eefi Karnii gibira ittiin kaffalan lafa ballina $M^2$ 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu ragaaleen kunneen waan na jalaa badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaalee kana arge ykn sababa adda adddaatiin qabadeera kan jedhu yoo jiraate, beeksifn kun bahee guyyaa 21 keesatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Bishooftuu.

# Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Yaadrimeewwan, tumaalee seeraafi caaseffama hoggansa waliigaltee hojii ijaarsaa akka Itoophiyaatti jiran

*(Kan darberraa kan itti fufe)*

**Maalummaa waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa**

Hojiiwwan damee ijaarsaa mootummaas ta'e kan dhuunfaa seera ijaarsaatiin (construction law) hogganamu. Seerri ijaarsaa haala qabatama qajeeltoowwan seeraa jiraniitiin kan hubatamu ta'ee seera ittigaafatamummaa waliigaltee alaa, waliigaltee bulchiinsaa, labsii bittaa mootummaa, seerota inshuraansii, seerota ykn tumaalee regulaatorii, hayyama ogummaafi ijaarsaa, fayyummaafi nageenyummaa, gamoofi koodii gamoofa'a kan of keessatti hammatedha. Ta'us, seera ijaarsaa keessatti qabiyyee murteessaan seera waliigaltee ijaarsaati. Seerri waliigaltee ijaarsaa kunis hojii ijaarsaa kan dhuunfaafi kan mootummaa qaba.

Kanaaf maalummaa waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa hubachuuf hiikoo waliigaltee akka waliigalaatti beekuun barbaachisaadha. Waliigalteen hojii ijaarsaa sanada haalawwan waliigaltee ijaarsaa murteessuuf federeeshiinii gorsitoota injiinara idil-addunyaa akka hiiketti waliigaltee jechuun waliigaltee walta'insa, xalayaa fudhatamummaa mo'ataa caalbaasii, xalayaa caalbaasii, haalawwan waliigaltee, ibsa fedhii hojii, agarsiiftuu saxaxaawwanii, sagantaa hojii, gumee kontiraaktaraafi sanadoota dabalataa kanneen waliigaltee walta'insaa ykn xalayaa fudhatamummaa mo'ataa keessatti tarraa'an kan dabalatu akka ta'e agarsiisa.

Seerri hariiroo hawaasaa (kana booda SHH) Itoophiyaa kitaaba $4^{ffaa}$ mata duree dirqamoota jedhu keewwata 1675 (1) jalatti "waliigaltee jechuun wal-ta'iinsa namoonni lama ykn lamaa ol jidduu isaanitti dirqama abbaa qabeenyummaa qabu itti uuman, jijjiiran ykn hafaa taasisaniidha" jechuun hiikoo kennee jira. Hiikoo kanarraa kan hubatamu waliigaltee jechuun waadaa ykn walta'insa qaamolee lama gidduutti taasifamu ta'ee dirqama bifa abbaa qabeenyummaa seeraan raawwatamuu danda'u kan uumudha. Kana malees, bu'uura SHH keewwata 1678fi kanneen itti-aanan jalatti waliigalteen hundaa'e tokko ragga'uufwaliigaltee kennaafi fudhataan jiraachuu, waliigaltoonni namoota waliigaltee hundeessuuf dandeettii qabaniifi fedhiisaanii bilisaan ibsatan ta'uu, kaayyoon waliigaltichaa bifa iftoomina qabuun ibsamuufi seeraqabeessa ta'uufi akka barbaachisummaasaatti foormiin seerri barbaadu kan guutame ta'uu qaba.

Yaadonni armaan olitti ka'an kan agarsiisan yaadama waliigaltee akka waliigalaatti yoo ta'u, dhimmoota waliigaltee akka waliigalaatti jiraniin (kitaaba $4^{ffaa}$'n) ala jiranirratti raawwii kan qabu ammoo kitaaba $5^{ffaa}$ mata duree waliigaltee addaa jedhudha. Waliigaltee addaa kan jedhaman SHH jalatti waliigaltee hojiifi humna namaa (keewwata 2610-2631), waliigaltee qacarrii tajaajila ogummaa kan akka tajaajila gorsaa saxaxaafi injiinariingii (keewwata 2632-2638); waliigaltee hojiifi humna namaa qabeenya hin sochooneen walqabatu (keewwata 3019-3040) fi waliigaltee hojii ijaarsa mootummaa (keewwata 3244-3296) kanneen jedhaman kallattiinis ta'ee al-kallattiin waliigaltee hojii ijaarsaa hogganuuf kan oolanidha.

Seericha keewwata 2610 jalatti waliigaltee hojiifi humna namaa jechuun waliigaltee gareen tokko (kontiraaktarri) dirqama bu'aa barbaadame tokko, ittigaafatamummaa mataasaatiin, kaffaltii gareen biraa (maammilli) raawwatuun hojjetee dhiyeessuuf, maammillis kaffaltii kana raawwachuuf dirqama gale jechuudha.Waliigalteen kunis raawwatame kan jedhamu waliigaltoonni hojii hojjetamuufi gatii ittiin hojjetamurratti yoo waliif galanidha. Kana malees, waliigalticharratti ragaan kan jiraatu yoo kontiraaktarri haala maammilli beekuun hojicha ofitti fudhate ykn kaffaltii duraa maammilarraa fudhatedha. Hojiin hojjetamuu qabus karoora, iskiimii ykn sanada birootiin ibsamuu ni danda'a. Kontiraaktarris haala akkasii keessatti agarsiistota sanadoota akkasii keessatti kennaman kabajuu qaba. Gatiin hojichaas walitti qabama, tilmaama tilmaamaan kan murtaa'e baasiifi humna namaa ilaalcha keessa galchuun kan murtaa'e ta'uu danda'a.

Akka hiikoo kanaatti qaamoonni waliigalticha keessatti hirmaatan kontiraaktaraafi nama dhuunfaa hojii ijaarsaa hojjechiisu (maammila) yoo ta'u, dirqamni kontiraaktaraa tajaajila hojii jedhame ittigaafatamummaasaatiin hojjetee dhiyeessuu, maammilli ammoo hojii kontiraaktarri hojjetee dhiyeessuuf kanaaf kaffaltii raawwachuudha.

Waliigalteewwan armaan olitti ibsaman hojii ijaarsaa mootummaarratti, kallattiinis ta'e alkallattiin raawwii kan qabaatan ta'an illee mata duree qorannoo kanaaf rogaqabeessa kan ta'e (hojii ijaarsaa mootummaa geggeessuuf raawwii kan qabu) kitaaba $5^{ffaa}$ (waliigaltee addaa) mata duree waliigaltee bulchiinsa jedhu keewwata 3131-3306 jalatti kanneen tumamanidha. Waliigalteen bulchiinsaa kunis waliigaltee mootummaadhaan ykn qaama mootummaa birootiin raawwatamuufi tumaalee seerichaa kanneen waliigaltee akka waliigalaatti ykn waliigaltee addaatiin walqabataniin kan hogganamu ta'ee ummamni waliigaltichaa kan bulchiinsaa yoo ta'e garuu tumaaleen mata duree waliigaltee bulchiinsaa jalatti taa'an tumaalee waliigaltee ykn addaa ni tumsu ykn bakka ni bu'u.

Bu'uura SHH keewwata 3132tiin waliigalteen tokko waliigaltee bulchiinsaa jedhamuuf:

- Seeraan ykn garee waliigaltootaatiin waliigaltee bulchiinsaa ta'uu ifatti kan fudhatame ykn
- Hojii tajaajila hawaasaa waliin hidhata kan qabuufi gareen qaama bulchiinsaa waliin waliif gale raawwii tajaajilichaa keessattidhaabbiin kan hirmaatu yoo ta'e ykn
- Tumaalee tokko ykn isaa ol of keessaa qabaachuun ilaalcha hatattamaa faayidaa waliigalaa hariiroo namoota dhuunfaa gidduu jiruun ala ta'e qofaan kaka'umsa kan argate yoo ta'edha.

Waliigaltee bulchiinsaa keessa tokko kan ta'e ammoo waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa yoo ta'u haalli hoggansasaa SHH keewwata 3244-3296 jalatti tumamee jira. Bu'uura keewwata 3244 (1) tiin waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa jechuun waliigaltee namni tokko, kontiraaktarri, gatii ilaalcha keessa galchuun hojii ijaarsaa mootummaa ijaaruuf haaromsuuf ykn suphuudhaaf qaama mootummaa tokkorraa ittigaafatamummaan kan fudhate jechuudha.

Dabalataan labsiin sirna bittaafi bulchiinsa qabeenya mootummaa (Federaalaas ta'e kan Naannoo Oromiyaa)fi seerota kanaan walqabatan keessatti haaluma walfakkaatuun hojiiwwan bittaa mootummaan geggeessu keessaa tokko hojiiwwan damee ijaarsaa mootummaa akka ta'e hiikoo jecha bittaa jedhuuf kenname irraa hubachuun ni danda'ama. Akka seerota kanaattis bittaa jechuun meeshaalee, hojiiwwan damee ijaarsaa, tajaajila gorsaafi tajaajila biroo bittaadhaan, kiraadhaan ykn waliigaltee biroo kamiiniyyuu argamu akka ta'e tumamee jira. Wixineen labsii bittaa fi bulchiinsa qabeenya MNO keewwata 2 (2) jalatti jecha bittaa jedhu haaluma seeronni duraan jiran hiikaniin kan hiike yoo ta'u qabiyyeen bittaa liiziis akka dabalatu tumee jira. Armaan olitti hojiiwwan damee ijaarsaa mootummaa hojiiwwan ijaarsaa gamoo, daandiifi riqicha, bishaaniifi jallisii akkasumas hojii bu'uuraalee misoomaafi tajaajila kanaan walqabatan kan biroo akka hammatu ilaallee jirra. Hojiiwwan ijaarsaa kunneenis kan ijaaraman waliigaltee ijaaruu taasisuun akka ta'e hiikoo jecha hojii ijaarsaa jedhuuf kenname irraallee hubachuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan qajeelfama lakkoofsa 29/2016 keewwata 2(10) jalatti waliigaltee jechuun manneen hojii mootummaa bittaa ijaarsaaf kontiraaktaroota waliin waliigaltee yeroo jalqabaa taasisan ykn waliigaltee jalqabaa fooyyessuuf kan raawwatan jechuu akka ta'e haala ifa ta'een hiikee jira.

Kana malees, sanadoota istaandardii waliigalteen hojii ijaarsa guutuu qaban kaa'an qaamota mootummaa federaalaafi MNOtiin bahan keessatti waliigalteen hojii ijaarsaa maal akka ta'e hiikoo kennanii jiru. Sanada Ministeerri Hojiifi Misooma Magaalaa (MoWUD) bara 1994 baase keewwata 1 (g) jalatti "waliigaltee" jechuun haalawwan waliigaltee, ibsa fedhii hojii, mala safartuu, agarsiiftuu saxaxaawwanii, gatii tarreeffama baay'ina hojii, sagantaa ibsa safartuufi gatii, xalayaa fudhatamaa, sanada waliigalticha, sanadoota dabalataa kanneen biroo isaanirraa bahan jechuudha akka ta'e hiikee jira.

Qaamni istaandardii kana qopheessuuf bu'uura seeraatiin addatti aangeffame Abbaan Taayitaa Bittaafi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootummaa Federaalaa (Federal Public Procurement Agency-FPPA kan yeroo ammaa Federal Public Procurement and Property Administration Agency- FPPPAA) sanada Ministeerri Hojiifi Misooma Magaalaa qopheessee fooyyessuun sanada caalbaasii idilee bittaa ijaarsaa caalbaasii ifaa biyyaalessaa, kan bal'inaan PPA 2011 jedhamuun beekamuufi yeroo ammaa akka biyyaatti raawwatinsa qabu, bara 2011 qophaa'ee jira. BMO ammoo bara 2015 keessa gara Afaan Oromootti hiikee akka hojiirra oolu taasisee jira. Sanada kan boqonnaa $3^{ffaa}$ mata duree haalawwan waliigalaa waliigaltee jedhu keewwata 1 (1.2 (f)) jalatti waliigaltee jechuun walta'insa waliigaltee dirqisiisaa mana hojii mootummaafi kontiraaktara gidduutti raawwatameefi sanadoota

*Gara fuula 3tti*

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**

# Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*

# Raawwii misooma hawaasummaa bara 2017




Mootummaan Naannoo Oromiyaa bara bajataa 2017 xumurame keessatti karoora xiiqiitiin hojiilee misoomaa garaagaraa hawaasa naannichaa fayyadamaa taasisu bal'inaan karoorsee hojiirra oolchaa tureera. Hojiilee naannichatti gama misooma hawaasummaatiin karoorfamuun hojjetamaa turaniinis bu'aaleen hedduun galmaa'aniiru.

Bu'uuruma kanaan, raawwiin hojiilee gurguddoo damee hawaasummaa kun waltajjii gamaaggama raawwii hojii Paartiifi Mootummaa bara 2017 tibbana Magaalaa Adaamaatti guyyoota lamaaf kan geggeeffame yoo ta'u, raawwiin hojii misooma hawaasummaas dhiyaateera. Nutis, fuula hawaasummaa keenya torban kanaatiin gabaasa raawwii hojii mootummaa bara 2017 dhiyaate keessaa raawwii misooma hawaasummaa gurguddoo akka armaan gadiitti isiniif dhiyeessineerra.

**Misooma barnootaa**

Bara bajataa 2017 keessatti barnoota sadarkaa 1ffaan duraatiin manneen barnootaa kuma 17fi 411 keessatti barattoonni miliyoonni 2fi kumni 33fi 690 barachaa turaniiru. Sadarkaa 1ffaatiin ammoo dhaabbilee barnootaa kuma 15fi 939 keessatti barattoonni miliyoona 8fi kuma 946fi 918, Sadarkaa 2ffaatiin manneen barnootaa kuma 1fi 390 keessatti barattoonni miliyoona 1fi kuma 40fi 96 ta'an barachaa kan turan yoo ta'u, walumaa gala naannichatti manneen barnootaa kuma 34fi 740 keessatti barattoonni miliyoona 12fi kumni 20fi 704 ta'an barachaa turuudha gabaasni raawwii hojii mootummaa bara 2017 dhiyaate kan mul'isu.

Qulqullina barnootaa mirkaneessuuf Inisheetiivoota barnoota gargaaranirratti hojii hojjetamaa tureen Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kuma 1 ijaaruuf karoorfamee 788 ijaarамee xumurameera. Manneen barsiisota kuma 9fi 548 ijaaruuf karoorfamee kumni 10fi 190 ijaarameera. Istaandardii manneen barnootaa fooyyessuuf hojii hojjetameen manneen barnootaa kuma 2fi 948 istaandardiisaanii fooyyeessuuf karoorfamee kan manneen barnootaa kuma 3fi 461 fooyyessuun danda'ameera. Ijaarsi Paarkii dijiitaalaa 361 karoorfamee 310 ijaarameera.

Gama biraatiin Manneen Barnootaa Bu'uura Boruu kuma 5 ijaaruuf karoorfame keessaa kuma 4fi 651 ijaarsisaanii kan jalqabame yommuu ta'u, kuma 3fi 890 ijaarsisaanii xumuramuun kuma 3fi 600 hojii akka jalqaban taasifameera. Ga'umsaafi dandeettii hoggansa manneen barnootaafi barsiisotaa cimsuuf hojii hojjetamaa tureenis mala barsiisummaatiin barsiisota kuma 1fi 553, barsiisota sadarkaa 1ffaa kuma 9fi 367, madaqiinsa sirna barnootaa haaraarratti barsiisota kuma 29fi 644, barsiisota dubaraa adda duree 852 akka leenji'an taasifameera. Hogganssa sirna barnootaarratti ammoo, Afaan Ingiliffaatiin barsiisotan kuma 1fi 415, hoggansa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa 634, leenjiin humna raawwachiisummaa kuma 18fi 195 kan sirna barnootaa haaraa 900 kennameera.

Gama maxxansaafi raabsa kitaabaatiin bara bajataa xumurame keessatti kitaaba barnootaa miliyoona 4fi kuma 663fi 512 maxxanfamuun raabsameera. Kitaabni barattootaa miliyoonni 4fi kumni 539fi 982 maxxanfamee raabsameera, kitaabileen sadarkaa 1ffaa miliyoonni 11 maxxanfamanii raabsamaniiru. Kitaabni bireelii mana barumsaa sadarkaa 2ffaa kuma 2fi 730 fi kitaabileen qajeelcha barsiisaa 340 maxxanfamee raabsameera. Kana malees, inisheetiivii nyaata barattootaatiin barattoota miiliyoona 6 oliif nyaata dhiyeessuun danda'ameera.

Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Doktor Tolaa Bariisoon gamaggama kanarratti ibsa addatti miidiyaaleef kennaniin, bara bajataa xumurame keessatti naannichatti lammii baratee dorgomaa ta'eefi abdii egeree biyyaa ta'e horachuuf xiyyeeffannaan barnootaaf kenname isa ijoo ture jedhan. Hojiilee hojjetamaniinis milkaa'inoonni gaariin argamuun himan.

Naannichatti sababni rakkoo cabiinsa barnootaa mudatee daa'imman egeree biyyaa ta'an xiyyeeffannaa kennanii bu'uurarraa irratti hojjechuu dhabuu ta'uun hubtamee manneen barnootaa bu'uura boruu ijaaruun daa'immaan miliyoona 2 ol ta'an barnoota bu'uura boruu argataniiru jedhan. Kunis, daa'imman birattis jijjiirama guddaa argamsiiseera jedhan.

Qabxii barataa fooyyeessuufis barattoonni kutaa 12 qabxii akka fooyyessaniif barnoonni qabiyyee yeroon akka fixan, barnoota dabalataa akka argatan, qormaanni moodeelii walfakkaatu sirnaan akka kennamu akkasumas gama barattootaaf nyaata dhiheessuutiin milkaa'inni guddaan jiraachuus kaasaniiru.

**Tajaajila misooma fayyaa**

Hojii mootummaan naannichaa hawaasa fayya qabeessa oomishtummaa guddisuu danda'u qabaachuuf hojjechaa jiruun naannichatti hospitaalota 143, buufataalee fayyaa kuma 1fi 438, keellaawwan fayyaa kuma 6fi 747, laaboraatooriiwwan 5 sadarkaa naannootti jiran, kolleejjiiwwan fayyaa 6, baankiiwwan dhiigaa 14, wiirtuulee odeeffannoo HIV/AIDS 2fi wiirtuu dandamachiisaa 2 keessatti hawaasni tajaaila fayyaa argachaa akka jiru gabaasni kun eereera.

**Tajaajila haadholiifi daa'immanii**

Tajaajila fayyaa haadholiif xiyyeeffannaa kennameen bara bajataa 2017 darbe keessatti tajaajila da'umsa duraatiin naannichatti haadholiin miliyoona 1fi kumni 625 ol tajaajila akka argataniif karoorfamee haaluma karoorfameen % 100'n tajaajila kana kennuun danda'ameera. Haadholiin miliyoona 1fi kumni 340fi 848 tajaajila da'umsaa akka argataniif karoorfamee miliyoonni 1fi kumni 321fi 527 tajaajilamaniiru, tajaajila da'umsa boodaatiin ammoo haadholiin miliyoonni 1fi kuma 340fi 848 akka tajaajilamaniif karoorfamee miliyoonni 1fi kumni 321fi 527 tajaajilamaniiru. Gama tajaajila talaallii daa'immaniitiin naannichatti daa'imman miliyoona 1fi kuma 463fi 818 talaalliiwwan dhukkuboota adda addaa akka argataniif karoorfamee miliyoona 1fi kuma 448fi 49 tajaajila talaallii argataniiru. Gama tajaajila fiixee gadameessaatiin haadholiin kuma 360 ta'an tajaajila akka argatan karoorfamee kumni 500fi 133 tajaajilamaniiru.

**Ittisa balaa fayyaa hawaasaa**

Weerara dhibee Busaa aanaalee 93, gandoota kuma 1fi 594fi magaalota 20 keessatti ka'ee ture to'atameera. Kunis, namoota miliyoona 11.9'f taasifame keessaa namoota miliyoona 4.6 ta'an keessatti dhibeen Busaa argamuun adda ba'eera, Saaphanni siree miliyoonni 1.2 raabsameera, gandoota 442 keessatti biiffaan keemikaalaa geggeeffameera. Qorannoo dhiigaa HIV/AIDS namoota miliyoona 3.4'f taasifame keessaa namoota kuma 9fi 751 keessatti vaayirasiin kun argamuu qorannoon kan agarsiise yoo ta'u, namoota kuma 14fi 54'f ammoo tajaajilli yaalaafi qorichaa kennameera. Gama dhiyeessii qorichaafi meeshaalee yaalaatiinis hojiilee hojjetamaniin, qorichoonni adda addaa qarshii miliyoona 403.5n bitamuun raabsameera, Mana qorichaa hawaasaa 100 hundeessuuf karoorfame keessaa 600 hundaa'aniiru. Meeshaaleen yaalaa garaagaraa deggersaan argaman kan qarshii biiliyoona 1.77tti tilmaamaman raabsamaniiru.

**Tajaajila inshuuraansii fayyaa hawaasaa**

Bara 2017 keessatti miseensota inshuuraansii miliyoona 6.47 horachuuf karoorfamee miliyoona 6.28 horachuun kan danda'ame yoo ta'u, kanarraas galiin qarshii biiliyoona 6.54 walitti qabameera. Kanaanis, hawaasni miliyoona 30 ol fayyadamaa ta'aa jira.

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!**

# Oduu



*Obbo Ahimad Idiriis*

## Naannichatti investaroonni biyya keessaafi alaa bal'inaan simatamaa jiru jedhame

*Galaanaa Kumarraatiin*

Naannoo Oromiyaatti humnaafi carraa investimantii jiru qorannoon adda baasuun investaroonni biyya keessaafi biyya alaa bal'inaan simatamaa jiru jedhan Hogganaan Biiroo Investimantiifi Induustirii Obbo Ahimad Idiriis.

Gamaaggama Raawwii Karoora Xiiqii Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2017 guyyaa tibba darbee Adaamaatti geggeeffamaa turerratti addatti miidiyaaleef ibsa kan kennan Obbo Ahimad, mootummaan naannichaa carraafihumna investimantiif naannichi qabu qorannoon adda baasee investaroonni biyya keessaafi alaa bal'inaan akka simataman taasisaa jira jedhan.

Dameen kun guddina biyyaa bu'uura cimaarra kaa'uun badhaadhina qabame milkeessuu keessatti ga'een qabu olaanaa ta'uus himan.

Rakkoolee walxaxoo damee investimantii turan hiikuuf hojiiwwan bal'aa hojjetamaa jiruun abbootiin qabeenyaa biyya keessaafi biyya alaa naannicha keessatti misoomsan heddumminaan dabalaa jiraachuus dubbataniiru.

Kanaanis, bara kana qofa abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyya alaa, qonnaan bulaafi IMX dabalatee investimantiin kumni 20 ol simatamuun danda'ameera jedhan Obbo Ahimad.

Investimantiiwwan simataman keessaas kumni 12 murtoo argachuu dubbatanii, isaan keessaas 3,600 ol qabatamaan hojii keessa akka galan taasifameera jedhan.

## Dhimmi qulqullina bunaa . . .

dubbatan.

Waggoottan jijjiiramaa keessatti oomisha bunaarratti hojii hojjataa jiruunis bara kana gara oomisha kuntaala miliyoona 15.5 ol argamuus himaniiru.

Akkasumas kan gama al- ergeetiinis jiru dabalaa kan dhufe ta'uus kaasuun bara kana sadarkaa biyyaaleessaatti buna gara alaa ergame keessaa 77.5% kan Naannoo Oromiyaa akka ta'e ibsaniiru.

Akka Biiroo Qonnaa Oromiyaattis inisheetiivii qonnaa 28 qorannoon adda bahuun irratti hojjatamaa jiru keessaa inisheetiivii bunaa tokko tahuus himanii kanaanis jijjiiramni dhufaa jiraachuus



dubbatan.

Qulqullina bunaa kana caalatti milkeessuufiis gaheen aamoota sadarkaan jiruu murteessaa tahuus himanii xiyyeeffannoon irratti hojjachuu akka qabanis dhaamaniiru.

## Oromiyaatti bara bajataa 2017 xumurametti . . .

bara bajataa xumurame keessatti gama misooma qonnaatiin dameewwan hundaan hojilee xiyyeeffannaan hojjetamaa turaniin milkaa'inoonni gaariin argamaniiru jedhan.

Keessumaa, inisheetiivii misooma qamadiirratti hojii bal'aa xiyyeeffannaan hojjetamaa tureen qamadii alaa gala ture hambisuu qofa osoo hin taane biyya alaatti erguun jalqabameera jedhanii, misooma garbuu biraa babal'isuun kan alaa gala ture akka hafu ta'eeras jedhan Obbo Geetuun.

Xiyyeeffannaa inisheetiivii misooma baala shaayeef kennamee hojjetamaa jiruunis bu'aa gaariin argamuus himaniiru.

Lafti bunaan uwwifamu dabaluufi oomishtummaansaas guddateera akkasumas qulqullinaan akka oomishamu taasisuurrattis hojii bal'aan hojjetamuu himanii, fakkeenyaaf bara bajataa 2017 darbetti buna akka biyyaatti gabaa biyya alaaf dhiyaate keessaa harki 77.5 ta'u Naannoo Oromiyaarraati jedhan.

Misooma ashaaraa magariisaaf xiyyeeffannaa kennameenis bara kana bilqiltuuwwan akaakuu garaa garaa biiliyoona 5 dhaabuuf hojjetamaa jiru keessaa hanga yoonaatti biiliyoona 2tti kan siqu dhaabbateera jedhan.

Bu'aawwan gama misooma qonnaan argaman kunneen gaarii ta'anis, humna naannichi qabu waliin gahaa waan hin taaneef ammas bara bajataa itti aanutti carraa jiru hunda fayyadamuun oomishtummaa qonnaa caalaatti guddisuuf xiyyeeffannaa guddaan hojjechuu barbaada jedhan Obbo Geetuun.

Damee kana tekinoolojiin deeggaruun alatti oomishtummaa qonnaa sadarkaa barbaadamuun ceesisuun waan hin danda'amneef hojiin makaanaayizeeshiinii qonnaa akka tiraaktarootaa, kombaayinarootaa, paampiiwwaniifi kanneen biroon qonnaan bulaaf dhiyeessuu cimee itti fufa jedhan.

## Qorannoon raawwii hojii Paartiifi . . .

walfakkaatuun aanaaleen baadiyyaa 21, aanaaleen Magaalaa 4, gandoonni baadiyyaa 21fi gandoonni Magaalaa 19 raawwii olaanaa galmeessuun badhaafamaniiru.

Biiroon Galiiwwan Oromiyaa 1ffaa, Biiroo Fayyaa Oromiyaa 2ffaafi Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa 3ffaa bahuun seektaraalee badhaasa Pirezidaantawaa fudhataniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa sagantaa badhaasaafi beekamtii kennuu kanarratti haasaa taasisaniin, milkaa'inoonni gurguddoon bara kana galmaa'an xiiqiifi amanamummaan yoo hojjanne ilaalchaafi aadaa yaraa ummata keenya hiraarsaa jiru ariitiin jijjiiruu akka dandeenyu kan irraa barannuudha malee kan itti of dagannuu miti jedhan.

Badhaasniifi beekamtiin kenname kun bakka jirru beekuufi of sakkatta'uun karoora hojii itti aanuuf kan ittiin of qopheessinuudhas jedhan.

Bara 2017 hojiileen milkaa'inaa hojjatamuufi hanqinaaleenis jiraachuu kan himan Pirezidaanti Shimallis, qaawwa bara hojii 2017 keessatti mul'atanirratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun bara 2018 baay'ina, ariitiifi qulqullina olaanaan hojjachuun injifannoo olaanaaf of qopheessuu qabnaas dhaamaniiru.

## Oromiyaatti raawwii hojii . . .

hojjechuu qabas jedhan.

Pirezidaantii MNO Obbo Shimallis gamaaggama kanaan ciminoota turan adda baasuu,maaliif dinagdee gahumsaafi qulqullina qabu ijaaruu dadhabne, caasaan sadarkaan jiru sadarkaa barbaadamutti hojimaatota badaa tajaajila ummataa danqan maqsuun tajaajila ummanni barbaadu kennuu dadhabe, hojiiwwan hojjetaman keessatti qormaatiileefi kufaatii jiran maaliif injifachuun dadhabame, hoggansi ilaalchota siyaasaa boodatti hafoo injifatee hojii hunda sadarkaa barbaadamutti olaantummaa ilaalchaa Paartii Badhaadhinaan maaliif hoogganuu dadhabe dhimmoota jedhanirratti xiyyeeffannaan akka irratti mari'atamu hubachiisaniidha.

Barri 2018 bara itti hojii guddaan irraa eegamu waan ta'eef xiyyeeffannaa kennuu mari'achuun kallattii fudhatee gara hojiitti deebi'uu akka qabus Obbo Shimallis hubachiisaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaaloo Tafarraa gamasaaniin barri 2017 murtoofi kallattii Paartiin keenya kaa'een hojiilee hojjetamaa turaniin roga hundaan naannichatti milkaa'inoonni hedduun kan itti argaman ta'uu haasaa taasisaniin himaniiru.

Paartii cimaa ijaaruun mootummaa cimaa dhugoomsuuf hojilee gurguddoon hojjetamaniiru. Hojiilee nageenyaa hojjetamaa turaniifi hojjetamaa jiraniin milkaa'inni guddaan kan argameedha jedhan.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

# Bohaartii

Bushraa Alii

# Muuziqaan Biyoonsee gadi hin dhiifamiin konkolaataashee keessaa hatame

Muuziqaan Biyoonsee hin gadhiifamiin jiru meeshaalee gati-jabeeyyii kaan waliin konkolaataashee keessaa hatamuu qondaalonni US himan.

Agarsiisa guyyaa arfaffaa 'Cowboy Carter' jedhamu guyyaa tokko dursuun magaalaa Atalaantaatti konkolaataa agarsiisichaaf fayyadamaa turan keessaa hatamuu himame.

Haardi diiskii muziqa aishee qabate, karoora agarsiisa ishee, akkasumas garsiisa isheen kana dura hojjettee fi fuulduratti s karoorfatte kan qabate konkolaataa keessaa hatame.

Shhuubbistoonni ishee fi keerogiraaferoonni ishee waliin turan konkolaataa agarsiisichaaf kireeffatan keessa kaa'anii ture.

Meeshaaleen kunneenis achi keessaa hatamuu poolisiin hime.

Yeroo deebi'an foddaan konkolaatichaa cabee shaanxaan meeshaalee itti qabatan lama baduu poolisiitti himan. Akka poolisiitti himanitti odeeffannoo icciitii tahan kan Biyoonsee ilaalltu akka qabatanii ture himan.

"Haardi diiskii shan muuziqaa Biyoonsee adda bahuun irratti barreeffame, kan hin gadhiifamne, agarsiisa kana duraa kan qabatanii fi karoora kan fuulduraas kan qabatanidha" jechuun poolisiitti himan.

Meeshaaleen biroo hatamuu gabaafame ammoo laaptooppii, uffata diizaayinii addaan hojjetaman, 'Airpods' Appil tahuu himaniiru. Qondaalonni magaalittii odeeffannoo meeshaalee akka laaptooppii fi heedfoonii irra jiran fayyadamuun bakka isaan gahan hordofaa jiraachuu himaniiru.

Dabalataan poolisoonni konkolaaticha irratti qorannoo gaggeessuun ashaaraa "ifa tahe lama" argachuu himaniiru.

BBC yaada akka kennaniif bakka bu'oota Biyoonsee qunnameera.



Biyoonseen amma agarsiisa 'Cowboy Carter' jedhamuuf Atalaantaa jirti. Erga Adoolessa 10 agarsiisa irra kan jirtu artistiin kun inni dhumaa Wiixata galgala kan gaggeeffamu taha.

Abbaan warra aishee Jay Z osoo isheen quba hin qabaatiin gaafa agarsiis aishee guyyaa sadaffaa achitti argameera.

Keerogiraaferri ishee wlaiin jiru Giraanti artistoota biroo akka Shakiiraa fa'aa waliin hojjetaa ture. Maddi: BBC Afaan Oromoo

# Yaa'ii Gadaa Arsiifi . . .

laafee jiraa muramtee muri

Wayyoomni angafaa maandhaa(quxusuu) laafee jiraa muramtee muri

Haraamuu hirmiin baay'atee jiraa muramtee muri

Aadaa keetitti deebi'uu qabdaa muramtee muri

Duudhaa keetitti deebi'uu qabdaa muramtee muri

Waloomni laafee jiraa muramtee muri

Waayyoon safuu muramtee muri

Waayyisaan safuu muramtee muri

Intalli geette heerumuu qabdii muramtee muri

Ilmi gahe fuudhuu qabaa muramtee muri

horoomni laafee jiraa muramtee muri

Jaarsi qaallichi fuudhaa heeruma ambaa balleessaa jiraa muramtee muri

Kadhachuun babal'atee jiraa muramtee muri

Arsiin kadhattuu hin qabuu muramtee muri

Rakkataa gosatu gargaaraa muramtee muri

Rakkataaf gosatu hirphaa muramtee muri

Jaalli uumee ambaa lamaa muramtee muri

Gumaan uumee ambaatiin dhumtii muramtee muri

Fixataa dhibbaafi waakkataa jilbaatiin dhumtii muramtee muri

Miizzeen aadaa tiyyaa mitii muramtee muri

Sabbata fudhachuun akka malee ta'ee muramtee muri

Matta'aa fudhachuun aadaa tiyyaa mitii muramtee muri

Dubartiin jaala hin taatuu muramtee muri

Jaarsi qixxicha ta'uu qabaa muramtee muri

Dubartiin hamaamota hin dhaqxuu muramtee muri

Gosa namni isaa kadhataa ta'ee argame jilba ambaatu itti yaa'aa muramtee muri

Safuu laafe tana saddeetaan gorsitaa muramtee muri

Nama tana tarkaanfate jilba ambaatiin itti laallattaa muramtee muri'

5. **Nageenya:**

'Yeroo ammaa nageenyi kiyya boora'ee jiraa muramtee muri

Bobba'aa galaa hin jiruu muramtee muri

Qotatee galfataa hin jiru muramtee muri

Abbaa Gadaatu si waamee galii muramtee muri

Haadha Siinqeetu si waamee galii muramtee muri

Bokkuutu si waamee muramtee muri

Qaalluutu si waamee muramtee muri

Hookkatu si waamee muramtee muri

Waatatu si waamee muramtee muri

Waaqatu si waamee muramtee muri

Oromoon Oromoo hin ajjeesuu muramtee muri

Oromoon Oromoo ajjeese diina Oromootii muramtee muri

Yoo kana tarkaanfatte jilba ambaatiin sitti yaatii muramtee muri'

6. **Qabeenya uumamaa:**

'Bosonni lubbuudhaa muramtee muri

Isa malee jiruun hin jiruu muramtee muri

Maddaa margatu gogaa muramtee muri

Bineensatu mana dhabaa muramtee muri

Gaaratu gufufaa muramtee muri

Gaaddisatu dhabamaa muramtee muri

Muka ni dhaabdaa muramtee muri

Kan jiru ni kunuunsitaa muramtee muri

Namni bosona mancaase jilba ambaatu isa dhaqqabaa muramtee muri

Murtiin kun kan waaqaatii muramtee muri

Murtiin kun kan ambaatii muramtee muri

Murtiin kun kan Arsiitii muramtee muri'

*Jechuun murtiilee jajjaboo uummata Oromoo gara duudhaa ganamaatti deebisu murteessuun yaa'ichi goolabameera.*

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!**

**Obbo Bashaa Barsiisaatiif**
**Bakka Jirtanitti**
Himataan Obbo Dassaalenyi Abbabaafi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/11/2017 sa'aatii 5:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Iluu.

---

**Aadde Shuumee Hayiluutiif**
**Bakk Jirtanitti**
Iyyataa Obbo Tasfaayee Lammii fi Waamamtuu isin gidduu falmii jiru ilalchisee Waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan qabattee beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 4:30irratti akka dhiyaattan beeksisaa, yoo dhiyaattanii deebii hin dhiyeeffatin mirgi deebii barreeffamaa dhiyyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Sharitti Mana Murtii Aanaa Kutaa Magalaa Gafarsa Gujee

---

Iyyataan Obbo Tilhuun Abbabaa Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibbaayyuu Aanaa Biiftuu keessatti qabiyyee mana jireenyaa Kaartaa Lakk.isaa 9/18 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu kaartaan kun waan na jalaa badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda adddaatiin qabadeera kan jedhu yoo jiraate, beeksifn kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu.

---

**Obbo Abduljaliil Umariitiif**
**Bakka Jirtanitti**
iyyattuun Aade Amiinaa Mahaammadii fi waamamaan isin giduu falmii Ijibaataa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan beellama gaafa 16/11/2017 sa'aatii duratti qabattanii E-faayiliingiin guyyaa beellamaa guyyaa tokko dursuun MMO ykn Dhaddacha Dhaabbii MMWO isinitti dhiyoo dhaquun akka ergattan beeksisaa,yoo hin ergatin haftan mirgi deebii kennachuu keessanii kan bira darbamee dhimmichi ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

---

Aadde Muluuseet Damisee Magaalaa Baatuu Ganda M/Shalloo kan ta'ee Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana Daldalaa Lakk.kaartaa 330m/1958/71 ta'e naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jechuun iyyataniiru.bu'uruma kanaan waraqaa ragaa abbaa abiyyee (kaartaa) kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaannee waraqaa ragaa abbaa Qabiyyee (kaartaa) kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beekisfna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu

---

Aadde Araggaash Kabbadaa Magaalaa Shanoo Ganda Odaa Kunii keessatti waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu kaartaa manaa Lakk.isaa 12993/99 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo

---

**Aadde Iyyarusaaleem Taayyeetiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Dannaqaw Sabsibee fi Himatamtuu isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 16/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Gumbichuu.

**Muluu Yadasaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattoonni Barakat Yaaddeessaa fa'aa N-4 fi waamamatuu isin jidduu falmii waa'ee waldaa keessaa baasuu jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee.

---

**4ffaa Aadde Sannaayit Safaraatiif**
**Bakka jirtanitti**
Oliyyattuun Aadde Salaam Urgeessaafi himatamtuu isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamtuun 4ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2017 sa'aatii 5:00 irratti karaa viidiyoo konfireensii mana murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee dhiyaattanii akka falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin iddoo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar.

---

**Obbo Dachaasaa Kumeetiif**
**Obbo Bisiraat Shibbiruu Badhaasaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan W.A Inshuuraansii Oromiyaafi himatamaa isin jidduu falmii Beenyaa Mi/qabeenyaa jiru ilaalchisee himatamttoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 8:30 irratti deebii keessan akka dhiyeeffattan ta'ee, yoo kan hin dhiyeeffanne ta'e falmiin bakka isin hin jirretti ilaalamee murtii kan argatu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Bishooftuu.

---

**Obbo Taammanee Bayeeraatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan W.A Inshuuraansii Oromiyaafi himatamaa isin jidduu falmii dhimma Beenyaa inshuuraansii jiru ilaalchisee himatamaan kun hanaga maallaq qarshii 100,000 (kuma Dhibba Tokkootti) himatamuu isaa beekee beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti deebii akka itti kennu beekee akka dhiyaatu ta'ee, yoo dhiyaatee deebii kan hin kennine ta'e mirgi debii kennuu bira darbamee falmiin kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Ki/Lixaa.

---

**Obbo Seefuu Lammaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan W.A Inshuuraansii Oromiyaafi himatamaa isin jidduu falmii dhimma Beenyaa inshuuraansii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuusaa beekee beellama gaafa 17/11/2017 sa'aatii 8:30 irratti akka dhiyaatu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Ki/Lixaa.

---

Obbo Nugusee Geetahuun kaartaa lakk. isaa 540/398/99 ta'e maqaa isaanitiin kennameef na jalaa badeera waan ta'eef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu kaartaa kana sababa adda addaatiin harkatti qabadheera ykn arge jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Fiicheetti akka deebistan jechaa yoo deebisuu baattan kaartaan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Fiichee

---

**Obbo Yaadachaa Ejjataatiif**
**Aadde Taaddalech Hayiluutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Samaraddiin Dalawaanaa fi Himatamtoota isin jidduu falmii siviilii mana murtii kanatti himatamuusaa keessan beektanii himanna isinirratti dhiyaate beellamaan dura karaa kutaa ofiseera seeraatii fudhattanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 8:30 deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii akka dhiyaattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamee murtii kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Adaamaa.

**Obbo Surraa Dingataatiif**
**Bakka jirtanitti**
Iyyattuun Aadde Biiftuu Tasfayee fi waamamaan isin gidduu falmii waa'ee fooyya'iinsa qallabaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii barruun qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Magaalaa Buraayyuu

---

Aadde Baliyyuu Xibabaatiif
Bakka jirtanitti
Himataan Obbo Awuraaris Alamaayyoo fi himatamtuun isin gidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 16/11/2017 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

---

**Mintiwwaab Wandimmuutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattoonni Obbo Abarraa Naggaa faa N-7 fi himatamtoonni Obbo Wasanee Nugusee faa N-2 gidduu falmii qabiyyee lafaa jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti galmeen cufamee ture deebi'ee socho'uu beektanii beellama gaafa guyyaa 18/11/2017 sa'aatii 5:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo

---

# Wallagga

**Caalbaasii**
Raawwiin himatamaa Obbo Taammiraat Laggaseefi raawwiin himatamaan Obbo Shamsaddiin Shariif jidduu falmii raawwachisaa murtii jiru ilaalchisee raawwiin himatamaan kun bu'uura murtii murtaa'een waan hin kaffalleef qabeenya raawwiin himatamaa kanaa kan ta'e,maashina falfaltuu buna gogaa mana isaa walin Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Gimbii Ganda Guutaa Giyoorgisitti kan argamu ka'umsa gatii caalbaasii tilmaama qarshii 4,041,258.53n gaafa 12/12/2017 ganama sa'aatii 3:00-6:00tti caalbaasiin dorgomsiifamee waan gurguramuuf kan bitachuu barbaadu gatii ka'umsa caalbaasii ¼ CPO qabsiisuun bakka mannichaafi maashiniin falfaltuun bunaa kun itti argamu qaamaan argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Wallaggaa Bahaa

---

Obbo Jiraataa Damusee lafa mana jireenyaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti lafa bal'ina isaa M2200 ta'eefi lakk. kaartaa isaa 694/IFLM/2017 ta'e Obbo Waljirraa'tti gurguratanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa fi Itti Fayyadama lafaa Mana Qopheessaa Magaalaa G/Dafinoo

---

Obbo Taammiruu Malaakuu mana daldalaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 25,74 iratti argamu lakk.kaartaasaa ሰ-/380/2004 ta'e,Obbo Biraanuu Sibaatuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate gurguraan kan mirkanaa'uf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Bakka Buutuu Obbo Abirihaam Mahaarii kan taate Aadde Dirribee Mokonnon kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Laaftoo keessaatti balina $M^2$200 irratti argamu lakk. kaartaasaa 16916/WLEN/2017 ta'e Aadde Roobee Naggaalenyitti gurguranii maqaa akka jijjiiramuuf iyyataniiru kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e,. jijjiirraan maqaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa D/Dolloo.

Obbo Zawduu Adaam mana kireenyaa Magaalaa Qeellem Ganda 01 keessaa qaban lakk.isaa 147 fi lakk. kaaraasaa 013/BMQ/2017 ta'e, she /Kamaal Idiriisitti gururachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeellem

---

Bakka bu'aa Obbo Fedhasaa Hayiluu kan ta'an Obbo Mitikkuu Tasfaayee kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Yabaloo keessaatti ballina $M^2$ 180 irratti maqaa Obbo Fedhasaa Hayiluutiin galmaa'ee argamu lakk.Kaartaasaa 14395/W/L/M/D/D ta'e, bakka bu'ummaa qabaniin maqaan gara Obbo Mitikkuu Tasfaayeetti akka jijjiiramuuf iyyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 hin dhiyaanne yoo ta'e, jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa D/Dolloo.

---

Obbo Haayilee Tasgaraa mana jireenyaa Magaalaa Jiituu ganda 02 keessa qaban Lakk.kaartaa 115/ WLMJ/2011 fi Lakk.mana isaa 2126 ta'e Addamuu Bantiitti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiiramuuf iyyataaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu

---

Obbo Baacaa Asfawuu mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessaa qaban Lakk. isaa 0251 ta'e, kan ta'e Obbo Abdii Alamuutti waan gurguratanii f kan mormu yoo jiraate guyyaa beekisfni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira ra Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Aadde Faatiyaa Ahimaad mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessaa qaban Lakk. isaa 0990 fi Lakk.kaartaa 1952/Waaj/Lafa/2017 ta'e ,Obbo Waaqgaarii Fiqaaduutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beekisfni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/ra Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Aadde Zawudituu Galataa Ruufoo Mana Jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti ballina M2 203.75 irratti maqaa Immaawayii Raggaatuun galmaa'ee jiru, dhaaltummaa mirkaneeffataniin maqaan gara isaaniitti akka jijjiirramuuf iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e, jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/ Doolloo

---

B/B Aadde Taaddalech Asaffaa kan ta'an Obbo Gannatii Tasfaayee mana jireenyaa Magaalaa D/ Doolloo Ganda Yabaloo keessatti ballina lafaa $M^2$ 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 7139/WMMLM/2008 ta'e, Maqaa Aadde Taaddalech Asaffaatiin galmaa'ee jiru ,bakka bu'iinsa qabaniin faayilli gara maqaa isaaniiObbo Gannatii Tasfaayee tti akka jijjiiramu iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate, jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uu beeksifna .Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

---

B/B Obbo Kibiratuu Hiikaafi Balaayinesh Qana'aa kan ta'an Obbo Mitikkuu Hayilee kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti ballina lafaa $M^2$ 220 irratti argamu ,lakk. kaartaasaa 16830/WLEN/2017 ta'e, Maqaa Obbo Kibiratuu Hiikaatiin galmaa'ee jiru, Obbo Caalaa Gammachuutti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna .Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

---

B/B Aadde Maskaraam Guddinaa kan ta'an Obbo Taadilaa Hayiluu kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti ballina lafaa $M^2$ 800 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 11608/ WBIFLM/2012 ta'e Irraa qoodanii,bal'ina lafaa $M^2$ 226 ta'e Obbo Balaay Gaaddisaatti gurguranii maqaa akka jijjiiraniif iyyata dhiheeffataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Girmaa Dhinaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 280 irratti argamu,lakk.kaaraasaa GL01/140/2015 ta'e,ballina $M^2$ 180 irraa qoodanii Obbo Isiraa'eel Geetahuunitti gurgutachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Obbo Girmaa Dhinaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 280 irratti argamu,lakk.kaaraasaa GL01/140/2015 ta'e,ballina $M^2$ 100 irraa qoodanii Obbo Darajjee Yohaannisiitti gurgutachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Bakka bu'aa Obbo Araarsaa Israa'eel kan ta'an Obbo Mulgeetaa Asaffaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambii Dolloo Ganda Yabaloo keessati ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 14554/W/L/2015 ta'e,bakka bu'ummaa qananiin maqaa gara isaanitti [Mulgeetaa Asaffaa]tti akka jijjiirramuuf iyyataniiru .kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Dambii Dolloo

---

Obbo Tasfaayee Taasisaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 300 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 2188/WLMQ ta'e,Obbo Naasir Bakkalchootti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

---

Obbo Taammiraat Kitilee mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 280 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 495/WBIFLMQ ta'e,Obbo Abaayyoo Raagaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

---

Obbo Yoseef Abdataa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 361/WBIFLMQ ta'e,Obbo Wondimmuu Gammachuutti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

---

Fiqiree Hambaayeefi Iskadaar Abarraa mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee jiru,ballinni isaa $M^2$ 360 ta'eefi lakk.kaartaasaa 496/MMLMQ/2010 ta'e,Obbo Kabaa Walltajjiitti gurgurani maqaan akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Dhaaltoota sadarkaa 1ffaa haadha isaanii Aadde Hundaatuu Adamsaa kan ta'an Sannaayee Dinqaa,Qonjituu Dinqaafi Wayyituu Dinqaa kan jedhama murtii mana murtiin murtaa'een mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee Zoonii giddu galeessaa keessatti ballina $M^2$ 476 irratti maqaa haadha isaanii Hundaatuu Adamsaatiin galmaa'ee jiru lakk.isaa 0423 ta'e, gara maqaa isaanitti akka jijjiirramu iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan gaggeeffamu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Dhaaltoota Aadde Jiituu Raasoo kan ta'an Baqqalaa Ligaabaa, Shuurkee Ligaabaa, Yaadee Ligaabaafi Tawaabech Guutamaa kan jedhama murtii mana murtiin murtaa'een mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee Zoonii giddu gaddu galeessaa keessatti ballina $M^2$ 392 irratti maqaa Aadde Jiituu Raasootiin galmaa'ee jiru lakk.isaa 0343 ta'e,gara maqaa isaanitti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan gaggeeffamu ta'uu beeksifna.. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Obbo Bilisaa Ittaanaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 325 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 176/WBIFLMQ ta'e,Obbo Jabeessaa Baqqalaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

---

Aadde Dasii Atoomsaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 150 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 2185/WLMQ ta'e,Obbo Daani'eel Mokonninitti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

---

B/B Obbo Dabalaa Ayyalee kan ta'an Obbo Addisuu Goobanaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dooloo Ganda Laaftoo keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 162226/WLEN/17 ta'e, Aadde Roobee Naggaalenyitti gurguranii maqaan akka jijjiirramuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Dambii Dooloo

---

Obbo Shifarraa Hambisaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti ballina M2 306 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 311/KT/-13 ta'e,Obbo Zalaalam Mitikkuu Bungulitti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e,gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.W/ Misooma Mag/ fi M/Qoph/M/Yuubdoo

---

Obbo Sigidatuu Indaashuu fi Aadde Geexee Fixiratuu mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,lakk. kaartaasaa 898/BMB/2016 ta'e, Aadde Taarikee Kitalaafi Obbo Dambaachoo Fedhaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Mootii Badhaasaa mana dhuunfaasaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 02 keessaa Wayitoo Dafaa waliin qaban lakk.kaartaasaa 0201 ta'e,Mulgeetaa Imaanaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Obbo Bantii Biqilaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa WBIFLMB/604/04/2017 ta'e, Ittafaa Abrahaamitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Amaanu'eel Tamasgeen mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WLEN/464/2/9 ta'e,Yeroosaaf Biddiqaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Margaa Jireenyaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartaasaa WBIFLMB/04/04/017 ta'e,Amaanu'eel Agumaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Duulaa Shifarraa B/B Abirahaam Jireenyaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLB76/04/2015 ta'e,Zannabuu Baayisaastti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Aadde Yisihaaq Nagaash Mana Daldalaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Laaftoo keessatti ballina $M^2$ 20 irratti maqaa isaaniin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 2017/Yi/87 ta'e,Obbo Izeddiinn Mujabaa fi Obbo Mammad Yasuuf tti gurguranii faayila maqaa gara isaaniitti akka jijjiirraniif iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan hayyamamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

---

B/B Obbo Asaggid Insarmuu kan ta'an Obbo Marasa Balaay Mana Daldalaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti ballina $M^2$ 17 irratti maqaa isaaniin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 16657/WLEN/17 ta'e,Obbo Obbo Gammachuu Qannaa tti gurguranii faayila maqaagara isaaniitti akka jijjiiraniif iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan hayyamamuuf ta'uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Charinnat Kaasahuun mana Jireenyaa isaanii Magaalaa Gullisoo Ganda 02 keessaa qaban Lakk.isaa 1596 kan ta'e lakk.kaartaasaa Bul/Ma/Gull/1964/2017 kan ta'e , ballina $M^2$ 200 irratti argamu Aadde Dinqee Geetaachootti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun ni hayyamamaaf. Bul/Mag/Gullisoo.

---

Obbo Mangistuu Madiin Mana Jireenyaa isaanii Magaalaa Najjoo Ganda 03 keessaa qaban qabeenyummaan lakk.kaartaasaa ------ na jalaa badeera jechuun iyyata waan dhiyeeffataniif qaamni kaartaa kana arge yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 tti waajjira bulchiinsa magaalaa Najjootti haa dhiyaatu.yoo kan hin dhiyaanne ta'e karaataa haaraa bakka buusnee kan kenninuuf ta'uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Daggafaa Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk. kaartaasaa Gimbii/3096/03/2004 ta'e Obbo Geetaahuun Asaayeetti gurgurachuun faayila maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Obbo Yohaannis Mambaruu Dhinsaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 06 keessatti bal'ina $M^2$ 600.76 irratti argamu lakk. kaartaasaa ETH000010293468 ta'e Ma'aazaa Tacaanee Mitikkeetti gurgurachuun faayila maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Aadde Jaallee Olqabaa Aagaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti bal'ina $M^2$ 358 irratti argamu lakk. kaartaasaa ETH000010294043 ta'e Aadde Galatee Hundarraa Galataatti gurgurachuun faayila maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

**Obbo Geetaabaayyuu Axilaabaachootiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Addunyaa Guuttataa fi Himatamaa Daani'eel Fiqaaduu akkasumas G/seenaa Takkallinyi Alamuu fi waamamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee falmitti akka makamtanii manni murtii waan ajajeef beellama gaafa 18/11/2017 sa'aatii 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Ki/Lixaa.

---

Obbo Guutaataa Taasisaa mana lakk.isaa 05288/2015 ta'ee Kaartaa Lakk. isaa 1201/WBIFLA magaalaa Aayiraa ganda 02 keessaa qaban Obbo Fayyisaa Guuttataatti kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bondawoo

---

Obbo Girmaa Qana'aa mana lakk.isaa 372 ta'ee magaalaa Bondawoo keessaa qaban Obbo Lataa Giddiitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bondawoo

Obbo Saamu'eel Malkaamuu mana jireenyaa magaalaa Mandii keessatti Kaartaa Lakk.067/2010 kan qabuufi lafa bal'ina 50$KM^2$ kan ta'e ganda 01 keessaa qaban Aadde Biraanuu Alamuutiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Dinqaa Fiqaaduu mana jireenyaa magaalaa Jaarsoo keessatti Kaartaa Lakk.335/2013 kan qabuufi lafa bal'ina 200 $KM^2$ kan ta'e ganda 02 keessaa qaban Obbo Abbayyee Nageessoo Danuutti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo

---

Obbo Abdii Malkaamuu mana jireenyaa magaalaa Mandii keessatti Kaartaa Lakk.5662/2012 kan qabuufi lafa bal'ina 245$KM^2$ kan tahe ganda 02 keessaa qaban Obbo Biraanuu Alamuutiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Bakka bu'aan Aadde Tujubee Taaffasaafi Ittaanaa Raggaasaa kan ta'an obbo Yohaannis Taaffasaa Gammadaa mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa 7735/WMMLM ta'e bal'ina lafa isaa 500$KM^2$ maqaa Obbo Ittaanaa Raggaasaatiin galmaa'ee beekamu faayiliin gara maqaa bitataa Obbo Yohaannis Taaffasaatti akka jijjiiramuuf, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Bakka bu'aan Aadde Warqinesh Tarfaa kan ta'an mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa 8018//WMMLM/09 ta'e bal'ina lafa isaa 364$KM^2$ maqaa isaaniin galmaahee beekamu irraa qoodanii qabiyyee bal'ina lafa 182 $KM^2$ irratti argamu Obbo Dureessaa Nagaasaatti faayiliin akka jijjiiramuuf, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Bakka bu'aan Obbo Yaadasaa Oljirraa kan ta'an mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa 14215/WMMLM/2014 ta'e bal'ina lafa isaa 200$M^2$ maqaa isaaniin galmaahee beekamu faayiliin gara maqaa Obbo Habtaamuu Raggaasaatti akka jijjiiramuuf, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

Bakka bu'aan Aadde Libbituu Moleefi Obbo Tamasgeen Ruufii kan tahan mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa 16661/WMMLM/17 ta'e bal'ina lafa isaa 200$KM^2$ maqaa isaaniin galmaahee beekamu Obbo Tafarii Takilee Hundeessaatti gurguranii maqaa jijjiiruuf waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Bakka bu'aan Obbo Malkaamuu Yooseef kan ta'an mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa Bu/La/1524 ta'e bal'ina lafa isaa 200$KM^2$ maqaa isaaniin galmaahee beekamu faayiliin gara maqaa bitataa Obbo Mitikkuu Habteetti akka jijjiiramuuf, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Bakka bu'aan Obbo Raggaasaa Waaqjiraafi Aadde Birqee Maammoo kan tahan Obbo Fiqaaduu Mirreessaa Shuuree mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu lakk. Kaartaan isaa 7184/WMMLM/08 ta'e bal'ina lafa isaa 200$KM^2$ maqaa isaaniitiin galmaahee beekamu faayiliin gara maqaa bitataa Obbo Amaanu'eel Dheeressaatti akka jijjiiramuuf, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Bakka bu'aan Obbo Girmaa Lataa Dabalaa kan tahan mana jireenyaa magaalaa Dambi Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk.Kaartaan isaa 11148/WMMLM/11 ta'e irraa qoodanii bal'ina lafa isaa 180$M^2$ irratti argamu maqaa Obbo Amaanu'eel Taaggasaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

---

Aadde Daraartuu Gammachiis Dhufeeraa mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk.kaartaasaa 6387/2017 ta'e Aadde Shukkaaree Mokonniitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Bulchiisa Magagaalaa Najjoo

---

Aadde Gaaddisee Dinqaa Abbashuu mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 6429/2017 ta'e Obbo Addunyaa Baayisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Bulchiisa Magagaalaa Najjoo

---

Obbo Baacaa Taaffasaa Danoo mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 2528/2010 ta'e--Amanuu Bayyanaa Galataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Bulchiisa Magagaalaa Najjoo

---

Obbo Fiqiree Kabbadaa mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk.kaartaa Orijinaalli isaa 6680/2017 ta'e waan na jalaa badeef bakka bu'ee haaraan akka kennamuuf waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Bulchiisa Magagaalaa Najjoo

---

Obbo Lataa Hayiluu Mana **jireenyaa** Magaalaa D/Doolloo Ganda **Yabaloo** keessatti ballina **$M^2$ 204** irratti maqaa Obbo Tuujubaa Dangalaatiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa --- ta'e, gara maqaa isaaniitti jijjirachuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan hayyamamuuf ta'uu isin beeksifna.Waajjira Lafaa fi Eeggumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa D/Doolloo

# Beeksisa Caal-baasii

**Lakk.BS/ KTS/031/2017**

**Baankiin Siinqee W.A Qabeenya armaan gadii bu'uura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya'etti) kennameefiin gurguruu barbaada**

| T. L | Maqaa Liqeeffataa | Maqaa Nama qabeenya qabsiisee | Damee Liqeesse | Teessoo Qabeeya Caalbaasiif dhiyaatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal'ina Lafichaa | | | | Ka'umsa Caalbaasii Qarshiidhaan | Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeeffamu | | Marsaa Caalbaasii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Qabeenya Caalbaasiif dhiyaate | Magaala/Kutaa Magaalaa/Aanaa/ Gandaa | Lakk. Kaartaa | Bal'ina Lafaa | | Guyyaa | Sa'atii | |
| 1 | Wa/Sharikummaa Tiyaamuu, Abdallaa | Mahammad Xahaa | Carcar | Mana Jireenyaa | Magaalaa Ciroo Ganda 01 | BMC-0089/0039/2206 | 180 $M^2$ | 306269 | 13/12/2017 | 4:00-6:00 | 1ffaa |
| 2 | FedhashiAbdiisaa Mucee | Galataa Barbaadaa Tolasaa | Qarsaa | Mana jireenyaa | Aanaa Qarsaa Magaalaa Qarsaa G/ 01 | 2/150027/32/2012 | 200$m^2$ | 699,241.33 | 14/12/2017 | 4:00-6:00 | 2ffaa |
| 3 | Waldaa dhuunfaa Hoomaa hojii daldaala Midhaanii | Kom.Jifaaraa Hoomaa | Daraaraa Kafanii | Mana Jireenyaa | Amboo Ganda Hora Ayetuu | WBIL-BMA/2146/2012 | 250$m^2$ | 873,370.96 | 13/12/2017 | 3:00-5:00 | 2ffaa |

**Dambiiwwan Caalbaasii:**

1) Dorgomaan ykn bakka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsa Caalbaasichaa 1/4ffaa Ajaja Baankii /C.P. O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisuun galmaa'uun dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasiicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee xumuruu qaba. Kan hin xumurre yoo ta'e, qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a.
2) Dorgomaan caalbaasii irratti gatii ol'aanaa dhiyeesse caalbaasichaa mo'aachuu isaa qaama dhimmi ilaaluun erga mirkanaa'een booda xalayaa mo'aataa ta'uu isaa ibsu kennamaaf.
3) Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O'n qabsiisan guyyuma sana deebi'aaf.
4) Caalbaasii irratti argamuu kan danda'u dorgomaa, liqeeffataa fi qabsiisaa qabeenyaa ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
5) Caalbaasichi kan adeemsifamu gabatee armaan olii keessatti ganda/Bulchiinsa magaalaa ibsameetti ta'a.
6) Kaffaltii jijjirraa maqaa akkasumas kaffaltii liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/mo'ataan battala Caalbaasii mo'atee qabee kan kaffalu ta'a.
7) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'insa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.
8) Baankichi karaa mijaawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen haquuf mirgi isaa kan eegamedha.
9) Namni qabeenya Caalbaasiif dhiyaate kana ilaaluu barbaadu, Dameelee liqeessaa beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda'a.
10) Dorgomaan moo'ataa caalbaasiti kan jedhamu moo'ataa ta'uu isaa kan ibsu barreeffamaan yeroo xalayaan harka isa gahu qofadha
11) Odeeffannoo dabalataaf: Lakkoofsa bilbilaa Baankii Siinqee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Carcar, fi damee Qarsaa 0975707345, Damee Daraaraa Kaafanii (0913985974) ta'e irratti bilbiluun gaafachuun ni danda'a.

**Baankii Siinqee W. A**

---

**Caalbaasii Marsaa 2ffaa**

Waldaan Qusannoo fi Liqaa Dhaabbata Wasaasaa bu'uura aangoo Labsii Lakk.97/90,216/92 fi 1147/2011tiin kennameefiin qabeenyi haalootni isaa armaan gaditti jiruun caalbaasii ifaan gurguruu barbaada.

| T/L | Maqaa Liqeeffataa | Damee | Maqaa nama qabeeya qabsiisee | Ibsa Addaa Qabeeya Wabummaan qabsiifamee | | | | Ka'umsa gatii caalbaasii | Guyya fi sa'aatii caalbaasiin geggeeffamu |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Teessoo | Lakk.kaartaa | Bal'ina lafa qabeenyichi irra qubatee jiru | Gosa tajaajila qabeenyichi kennu | | |
| 1 | Tasfaayee Mokonnon | Kombolcha | Tasfaayee Mokonnon | Mag/Finca'aa Ganda 01 | 1307/2011 | 495$m^2$ | Mana jireenyaa | 1,080,000.00 | Gaafa 12/12/2017 ganama sa'aatii 4:00-5:30tti |

Waanta'eefis,

1. Dorgomaan caalbaasii ykn bakka bu'aan seeraa gatii ka'umsa caalbaasichaa 1/4ffaa isaa CPO kaffaltiin isaa baankiin mirkanaa'e qabatee dhiyaachuun dorgomuu danda'a.
2. Caalbaasichi kan geggeeffamu mooraa qabeenyichi keessatti argamu Magaalaa Finca'aa Ganda 01 mooraa qabeenyichi keessatti argamuu keessattiidha.
3. Qabeenya caalbaasiif dhiyaate dorgomaan mo'ate VAT %15(parsantii kudha shan) gatii ittiin qabeenyicha bite irratti dabaluudhaan ni kaffala.
4. Qabeenya caalbaasiif dhiyaatee daawwachuu ykn ilaaluu qaamni barbaadu Guyyaa beeksifni caalbaasii kun gaazeexaatti bahe irraa kaasee sa'aa fi Guyyaa hojiitti bakka qabeenyichi itti argamutti deemee daawwachuu ni danda'a.
5. Mo'ataan caalbaasichaa haftee gatii qarshii ittiin mo'ate Guyyaa 15 keessatti duguugee kaffaluu qaba,kan hinkaffalle yoo ta'e garuu qarshiin kabachiisa caalbaasiif kaffale hindeebi'uuf.
6. Dhaabbatichi caalbaasicha guutummaatti ykn gartokkeen haquuf mirgi inni qabu eegamaadha.

**Hubachiisa:**- caalbaasiin kun marsaa 2ffaa waanta'eef gatii olaanaa argamee kamiinuu gurguramuu danda'a malee gatiin ka'umsa caalbaasiichaan gurguramuun dirqama miti.

Odeeffannoo dabalataatiif lakk.bilbila 0910324874 irratti bilbiluun ykn Waldaa Aksiyoona Qusannoo fi Liqaa Damee Kombolchaa qaamaan deemuun odeeffannoo gahaa argachuun ni danda'ama. **Waldaan Qusannoo fi Liqaa Dhaabbata Wasaasaa**

# Ispoortii

# Magaalaa Shaggar giddugala ispoortii taasisuuf xiyyeeffannaa kenname

Magaalaan Shaggar hundeeffamnisaa yeroo gabaabaa ta'us hojilee misoomaa fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf hojjechaa jiruun bu'aalee hedduu galmeessaa jira.

Hojiilee magaalichatti misooma ispoortiirratti hojjetamaa jiran keessaa tokko yoo ta'u, tibba kanas Bulchiinsi Magaalichaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnootti ijaarsa istaadiyoomii xiqqaa eegalchiiseera





Sadarkaa Pirezidaantii Itti Aanaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Kantiibaan Magaalaa Shaggar Doktor Tashoomaa Addunyaan sirna jalqabsiisa ijaarsa istaadiyoomii kanaarratti haasaa taasisaniin, Magaalaa yaadama magaalota 21ffaa guutteefi giddu-gala tuurizimii taate ijaaraa jirruuf giddu-galli ispoortii murteessaadha jedhan. Magaalichatti misooma ispoortiif xiyyeeffannoo kennuun hojii hojjetamaa jiruun giddu-galli dargaggootaa kutaa magaalaa Gafarsaa Gujeetti akkasumas Istaadiyoomiin sadarkaa isaa eeggate kutaa magaalaa Sulutaatti kan ijaaramuu himanii, istaadiyoomii xiqqaan kutaa magaalaa Malkaa Noonnootti deeggarsa abbaa qabeenyaa Obbo Yooseef Misgaanaatiin ijaaramuuf eegalsiifames galma Shaggariin giddu-gala tuurizimii ispoortii taasisuuf qabanne milkeessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba jedhan.

Magaalaa Shaggaritti fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf bu'uuraalee misoomaa garaagaraa hojjetaman keessaa giddu-galli isportiifi giddu-galli oolmaa dargaggootaa ijaaramaniifi ijaaramuuf eegalchiifamanis kunneen saaxilamummaafi araada adda addaarraa baraaruu, carraa hojii uumuufi hawaasa fayyalessa uumuuf gumaacha guddaa qabaachuu eeraniiru.

Abbaan Qabeenyaa giddu gala ijaarsisu Obbo Yooseef Misgaanaas galma magaalaan kun gama ispoortiin qabatee hojjechaa jiru hubachuun deggersa akkasii taasisaniif galateeffachuun abbootiin qabeenyaa biroos fakkeenyummaa kana fudhachuun qoodasaanii ba'uuuakka qaban Dr.Tashoomaan dhaamaniiru.

Itti Gaafatamaan Waajjira Dargaggoofi Ispoortii Magaalaa Shaggar Obbo Naasir Huseen gamasaaniin, magaalaan Shaggar hundeeffamasaa waggaa muraasa keessatti dagaagina ispoortiif xiyyeeffannaa guddaa kennee sochii ispoortii gama hundaan cimsuun ispoortessitoota magaalicha bakka bu'uun sadarkaa Naannoo, biyyaafi addunyaatti maqaa olkaasaniif beeksisan hedduu horachuun kan danda'ame ta'uu himaniiru.

Shaggariin giddu-gala ispoortii taasisuuf galma qabamee hojjetamaa jiru milkeessuufis dirreewwan ispoortii jiran suphuufi bakka oolmaa dargaggootaa haaraan ijaaramaa jiraachuu himanii, xiyyeeffannaa kennuun kallattii Kantiibaan Magaalichaa sadarkaa kutaalee magaalaafi Aanaaleetti lafti hektaarri tokko tokko qophaa'uun bakki oolmaa dargaggootaa, dirree ispoortiifi kanneen biroon akka ijaaramaniif kallattii kaa'aniin Istaadiyoomii xiqqaan sadarkaa isaa eeggate deggersa abbaa qabeenyaa Obbo Yooseef Misgaanaatiin ijaaramu kan eegale ta'uu himaniiru.

Bulchaan Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo Obbo Mariid Dimmiruu, kaayyoon hundeeffama Magaalaa Shaggar gaaffii misoomaa uummanni qabu deebisuu ta'uu eeranii, bara bajataa 2017tti kutaa magaalichatti fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf piroojektoonni garaa garaa hirmaannaa ummataafi bajata mootummaa Qarshii Bbiliyoona 9 oliin hojjetamuun tajaajila hawaasaaf banaa taasifamaniiru jedhan.

Deggersa abbaa qabeenyaa Yooseef Misgaanaa taasisa Qarshii Miliyoona 35n ijaarsi istaadiyoomii xiqqaa kun tajaajilawwan garaa garaa of keessatti haammateefi turtii yeroo ji'a sadii keessatti ijaaramee xumuramu eegalsiifamuu himaniiru.

Aanaalee kutaa magaalichaa sadan jiran keessattis giddu-galli ispoortii ijaaramuuf karoorfamee jiraachuu himaniiru.

Dargaggoonni Kutaa Magaalichaas, kanaan dura bakka oolmaa mijataa dhabuun rakkoo hawaas-dinagdeef saaxilamaa akka turan himuun, giddu-galli ispoortii ijaaramu kun rakkoo kana furuuf yaadameeti jedhan.

# Jilli Garee Atileetiksii Itoophiyaa umrii waggaa 18fi 20 gadii dorgommii Shaampiyoonaa Atileetiksii Afriikaa Abukuutaatti geggeeffamaa jirurratti hirmaachaa jira

Jilli Garee Atileetiksii Itoophiyaa kun Shaampiyoonaa Atileetiksii Afriikaa umrii waggaa 18fi 20 gadii akka bara faranjootaa Adoolessa 16-20, 2025tti Naajeeriyaa Abukuutaatti geggeeffamurratti hirmaachuuf tibbana garas imalee jira.



Hoggantoonni Olaanoon Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaas Buufata Xayyaaraa Idil-addunyaa Booleetti argamuun jila kanaaf geggeessaa taasisaniiru. Dabalataan jille garee atileetiksii dargaggootaas gara Naayijeeriyaatti imaleera.

Dorgommiin Shaampiyoonaa atileetiksii Afriikaa Naayijeeriyaa Abuukuutaatti geggeeffamu kunis guyyaa kaleessaarraa eegalee itti fufee jira.